Mootummaa Naannoo Oromiyaatti

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

Hammattoo Manni Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa ittiin Hundeeffamuufi Gaggeeffamu

Mudde, 2020

Finfinne

Baafata

Seensa 1

Tumaalee Waliigalee 2

Daangaa Raawwatiinsaa Hammattoo kanaa 3

1. Seenduubee 3

1.1 Barbaachisummaa Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa 4

1.2 Mul'ata, Ergamaa fi Sona Manneen Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa 4

1.3 Kaayyoo Gooroo 5

1.4 Kaayyolee Gooree 5

2. Hundeeffama, Bulchiinsaafi caaseffama Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa 6

2.1. Hundeeffamaafi Bulchiinsa 6

2.2. Amaloota Manneen Barnootaa Addaa 6

2.3. Abbummaa 6

2.4. Hoggansa 6

1.2.1. Caasaa Ogeeyyii Barumsaa 8

4. Gahee Hojiifi Ittigaafatamummaa Qaamota Adda Addaa 12

4.1. Biiroo Barnootaa Oromiyaa 12

4.2. Boordii Mana Barnootaa Sadarkkaa 2^{ffaa} Addaa 13

4.3. Bulchiinsa Godinaa/Magaalaa 13

4.4. WBG/WB Bulchiinsa Magaalaa 14

4.8. Manajimantii Mana Barumsaa 17

4.9. Koree Mirkaneessa Qulqullinaafi Sirna Barnootaa 17

4.10. Mana Maree Muummeewwanii (Department Council) 18

4.12. Maatii/Guddistoota/ Barattootaa 19

5. Kutaawwan Hojii Mana Barumsichaa 24

Daree Barnootaa 24

Kutaalee Bulchiinsaa 24

Mana Fincaanii Barattootaa 25

Gamoo Mana Kitaabaa 25

Kutaa Yaalii/Laboratory 25

Galma Walgahii 25

Bajata 27

6. Haala Filannaafi Simannaa Barattootaa 27
Ga'umsa Akkaadaamii (Haal duree) 28
7. Filannaafi Ramaddii Hoggansaafi Barsiisota Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Addaa Godinaalee/Bulchiinsa Magaalotaa 30
6.1. Adeemsa Filannoofi Ramaddii Hoggansa Mana Barumsaa 31
7.2. Koree Qaxarrii Barsiisaa 35
7.3. Faayidaalee Adda Addaafi Sirna Onnachiisuu/Hamileessuu 36
8. Sirna Barnoota Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Addaa 37
8.1 Qabiyyee Sirna Barnootaa 37
8.2. Mala Baruu Barsiisuufi Iyyaafannaa 41
8.3. Iyyaafannaa Barachuu Barattootaa /Assessment Related Matters/ 43
9. Tarkaanfii Naamusaa Barattootaafi Hojjettootaa 44
8.1. Koree Naamusaa 44
8.2. Tarkaanfii Naamusaa hojjettoota Deeggarsaa 45
8.4. Tarkaanfii naamusaa Barattootaa 46
Miiltoowwan Adda Addaa 50
Budget requiring areas 1
Material Resource required 1
Student Textbook and teachers guide expected from Oromia Education Bureau 1
Supportive Reference Books 2
Laboratory Apparatus and Chemicals 8
.*Biology Chemicals and Apparatus* 8
Physics Apparatus 12

Seensa

Biiroon Barnootaa Oromiyaa barnoota walgitiinsiifi qulqullinni isaa mirkanaa'e sagantaalee idileefi al-idileetiin babal'isuun Oromiyaa humna namaatiin misoomteefi misooma rog-maraaf qophoofte uumuuf hojiiwwan bal'aa hojjechaa turee jira; hojjechaas jira. Rakkoolee dhaqqabummaa, walgitiinsa, ga'umsa keessoofi qulqullinaa barnootaa furuuf tarsiimoo adda addaa diriirsuun hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, bu'aalee hedduunis galmaa'anii jiru. Ta'us qulqullina barnootaa sadarkaa yaadametti fooyyessuun wal qabatee amma illee daandiin nu hafu dheeraa ta'uu komii hawaasaafi ragaalee adda addaa (ragaalee inispekshinii barnoota waliigalaa, EMIS, Gabaasota, Supperviizyinii dirree) irraa hubachuun danda'amee jira.

Kana keessatti, barnoonni sadarkaa 2^{ffaa} isa tokkoodha. Rakkoo qulqullina barnootaa rog-daneessa ta'e bifa addaatiin yaaduun fala waarawaa kennaa adeemuun barbaachisaa waan ta'eef, yaad rimee 'mana barumsa bultii addaa sadarkaa 2^{ffaa}fi mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa karaa qooda fudhattoota baay'ee hirmaachiseen tarsiimoo diriirsee hojjechaa jira. Tarsiimoo diriire kana galmaan gahuuf haala walfakkaatuun bakka hundatti akka gaggeeffamuuf hammattoo hojichi ittin hogganamu tokko qopheessuun barbaachisa ta'ee argameera. Haaluma kanaan, manneen barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa kan abbummaan godinaalee ykn bulchiinsa magaalotaan hundeeffamanii fi hogganaman gaggeessuufi ittifufiinsa akka qabaatu taasisuuf hammattoon kun qophaahee jira. Manneen barnootaa kunneen bu'uura haammattoo kanaan qajeelfamoota keessoo isaanii qopheeffachuun itti fayyadamuu kan danda'n ta'a.

Tumaalee Waliigalee

Mata duree

Hammattoon kun 'Hammattoo Mana Barumsa Addaa Sadarkaa 2^{ffaa} Ittiin Hundeessuufi Gaggeessuuf Qophaa'e' jedhamee waamamuu danda'a.

Hiika Jechootaa

Hammattoo kana keessatti, hiikni biroon yoo kennamuufii baate:

1. **'Mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa'** jechuun mana barnootaa godinaan ykn bulchiinsa magaalaatiin xiyyeeffannaa addaatiin barattootaafi barsiisota filatee baruufi barsiisuu gaggeessuuf hundeeffame jechuudha.
2. **Boordii** jechuun hoggansa dura taa'ummaa bulcha godinaa ykn kantiibaawwan bul.magaalaatiin hogganamuufi mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa olaantummaan hogganu jechuudha.
3. **'Barataa'** jechuun barataa ulaagaalee kaa'amuun filatamee mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa keessatti barachaa jiru dha.
4. **'Hoggansa sadarkaa mana barumsaa'** jechuun dura bu'aa, I/A dura bu'aafi itti gaafatamtoota mummeewwan barnootaa hojiiwwan mana barumsichaa qindeessan jechuudha.
5. **Muummee** jechuun gurmuu kutaalee barnootaa adda addaa walitti dhihaatan of jalatti hammatuufi hogganuudha.
6. **'Yuunitii' (unit)** jechuun garee hojii barnootaa gosa barnootaa walitti dhihaatu/walfakkaatuun gurmaa'eedha.
7. **'Gumii muummeewwanii'/Department council/** jechuun gurmuu dura bu'aa mana barumsaan hogganamuufi itti aantotafi gaggeessitoota muummeewwanii of keessatti qabatu; hojii baruufi barsiisuu hogganu jechuudha.

8. **‘Gumii qulqullinaafi sirna barnootaa’** jechuun gurmuu I/A dura bu’aa dhimmoota akkaadaamiifi itti gaafatamtoota muummeewwanii of keessatti qabatu ta’ee hojiiwwan fooyya’insaafi qulqullina barnootaa mirkaneessuuf hojjetuudha.
9. **‘Hawaasa mana barumsaa’** jechuun barsiisota, hojjettootaafi barattoota mana barumsichaa jechuudha.
10. **‘Seemisteera’** jechuun yeroo barnoota ji’a shan of keessaa qabuudha.
11. **‘Handhuura gabbisa barnootaa’** jechuun bakka wantoonni barumsa daree deeggaran itti oomishamaniifi kuufamaniidha.
12. ‘**Kutaa Leeccalloo Barnoota Fedhii Addaa’** jechuun bakka barattoonni fedhii addaa deeggarsa dabalataa itti argatan jechuudha.
13. **‘Waytii’** jechuun yeroo dheerina daqiiqaa 40 of keessaa qabuufi ulfaatinni hojjii barsiisaa ittiin safaramudha.
14. **‘Mana barumsa baadiyyaa’** jechuun mana barumsa magaalaa aanaa fi godinaa alatti argamu jechuudha.
15. **‘Lakkoofsa addaa’** (unique ID) jechuun lakkoofsa addaa mana barumsaaf kennamuufi manni barumsaa akka biyyaatti ittiin beekamu jechuudha.
16. ‘**Bajata deeggarsa mana barumsaa/School grant/’** jechuun bajata deeggarsa GEQIP kan mana barumsaaf kennamu jechuudha.
17. **‘Sirna barnoota dabalataa’** jechuun barnoota mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa keessatti sagantaa mijaaween dabalataan kennamu jechuu yoo ta’u, afaanota biyya alaa filatamaniifi barnoota beekumsa xabboo dabalata.
18. **‘Beekumsa xabboo’(indigenous knowledge)** jechuun beekumsa hawaasni keenya baroota dhufaa darbaa itti fayyadamuun siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa isaa ittiin gaggeefata jiraate jechuudha**.**

Daangaa Raawwatiinsaa Hammattoo kanaa

Hammattoon kun manneen barnootaa sadarkaa lammaaffaa addaa bultii hin taane fi sadarkaa bulchiinsa magaaltotaa fi godinaaleetti hundeeffaman qofa keessatti hojiirra oola.

1. Seenduubee

Barnoonni akka waliigalaatti bu’ura guddina dinagdee, hawwasummaa, siyaasaafi teeknoloojiiti. Keessumaa, manni barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} bakka humna namaa egeree

dorgomaa ta'uufi guddina dinagdee ariifachiisaafi itti fufiinsa qabu kallattii itti qabsiifnudha. Sirnoota dhufaa darbaa keessatti barnoonni biyya keenyaa qaama muraasa qofaaf kan kennamaa tureefi hawaasa bal'aa irraanfate ture. Kanaaf ragaa kan ta'u, imaammata barnootaa sirna Hayilesillaasee 'Sector review' jedhamu ilaaluun gahaadha. Qoqqooddiin kun carraa uummanni bal'aan qooda dinagdee biyyaa keessaa argachuu malu, dhagahamummaa sadarkaa biyyaa fi addunyaatti qabu akkasumas, quucaruu aadaa fi diinagdee hawaasa bal'aa Oromiyaatiif sababa guddaa tokkodha. Yeroo dhihoo as manneen barnootaa bababal'isuun yoo jiraates qulqullinni isaa rakkoo hammaaataa waan qabaachaa tureef rakkoo sirnoota darbee furuuf wal qixxummaa hawaasa biyyattii keessatti mirkaneessuun hin danda'amne. Kanaaf, imaammata akka biyyaafi naannoo Oromiyaatti taa'e akkasumas ergama BBOfi dhaabbilee barnoota sadarkaan jiraniif kenname karaa milkeessuu danda'uun hojii hojjetamaa jiru keessaa inni tokko yaad rimee mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaafi tarsiimoo raawwii isaa qopheessuun hojiirra oolchuudha.

Bu'uruma kanaan, godinaalee fi bulchiinsi magaalotaa xiyyeeffannaa addaatiin mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa hundeeffamanii fi hundeeffamuuf jiran, hojmaata waalta'aafi ittifufiinsa qabuun hogganuuf akka nu dandeessisu hammattoon kun qophaa'ee jira.

1.1 Barbaachisummaa Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa

Humnaafi leeccalloon sadarkaa biyyaafi naannootti qabnu murtaahaadha. Barattoota manneen sadarkaa 2^{ffaa} miliyoona tokkoofi tuqaa sadii ta'an mara bifa addaatiin qaqqabuun ulfaataa waan ta'eef, barattoota ciccimoofi dandeettii olaanaa qaban beekumsaafi dandeettii isaanii baasuun akka itti fayyadaman haala mijjeessuun tarkaanfii filatamaa jalqabaa ta'eera. Kana jechuun, qulqullina barnootaa manneen barnootaa keenya hunda keessatti fooyyessuuf xiyyeeffannee hojjechun akkuma jirutti ta'ee, barattoota bu'aa barachuu olaanaa qaban kophaatti baasuun leecalloo jiru gurmeessuun hojii fakkeenyummaa qabu hojjechuufi karaa isaanii manneen barnootaa biroo deeggaruufi kaka'umsaafi miira wal dorgommii uumuun hawaasni bal'aan akka irraa fayyadamu gochuuf kan yaadamedha.

1.2 Mul'ata, Ergamaa fi Sona Manneen Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa

Mul'ata

Manneen barnootaa barattoota danddeeettiifi naamusa gonfatan, kabaja mirga dhala namaafi jaalala biyyaa qaban, akkasumas kalaqaan jijjiirama biyyaaf gumaacha taasisaniifi dorgomaa ta'an horachuudhaan maqaa baroota qaxxaamuru qaban bara 2030tti uumamanii arguudha.

Ergama

Barattoota gahumsa qaban filachuun dandeettii isaanii akka itti fayyadaman xiyyeeffannaa addaatiin leeccalloo barbaachisu gurmeessuun, gahumsa ol-aanaa gonfachiisuun mul'ata biyyaa milkeessuudha.

Sonawwan

- Qulqullina
- Haqummaa
- Hammatummaafi sabdaneessummaa
- Ogummaa'uu
- Naamusa
- Wal-danda'uu
- Rawwii olaanaa

1.3 **Kaayyoo Gooroo**

Manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa banamaa jiran kun carraqqii mootumman qulqullina barnootaafi fayyadamummaa uumataa mirkaneessuuf taasisaa jiru hirphuuf kan hundeeffamaniidha.

1.4 **Kaayyolee Gooree**

Kaayyoleen gooree manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa godinaaleefi bulchiinsota magaalaan hundeeffamanii:

- Barattoota kutaa 9-12tti simachuun gahumsa ol-aanaa gonfachiisuu.
- Manneen barnootaa hawwataafi hojii barnootaaf mijaawoo ta'an hundeessuun madda muuxannoowwanii taasisuu

- Deegarsaafi hordoffii cimaa taasisuun manneen barnootaa qulqullinni barnootaa keessatti mirkanaa'e uumuudha.

2. Hundeeffama, Bulchiinsaafi caaseffama Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Addaa

2.1. Hundeeffamaafi Bulchiinsa

Manni barnootaa sadarkaa 2ffaa addaa godinaaleefi bulchiinsa Magaalotaa Naannoo Oromiyaa jalatti bulu keessatti bara barnootaa 2013 eegalee bakka mijataa ta'etti kan saaqamu ta'a. Bulchiinsi mana barnootaa kanaa kan hogganamu waajjira barnootaa godinaa/magaalaatiin ta'ee, boordii mataasaa danda'een bula. Manni barnootaa kun dura bu'aafi I/Aantota dura bu'ootaa lama kan qabaatu ta'ee muummeewwan 5fi yuunitota 15, akkasumas hojjettoota deeggarsaa kan of jalatti qabaatu ta'a.

2.2. Amaloota Manneen Barnootaa Addaa

Maneen barnootaa addaa barattoota kutaa 9-12 naannoo Oromiyaa keessaa dorgommiidhaan filatamaniif barnoota sadarkaa isaa eeggate kennuudhaan addunyaa hojiifi jireenyaa fooyya'aadhaaf qopheessuu irratti xiyyeeffatanii hojjatu. Barnoonni kennamus daree keessaafi alatti barattota kan hirmaachisuufi dandeettii rakkoo hiikuu akkasumas kalaqaa isaanii daran kan cimsu ta'a. Dhiyeessiin leecaalloo kan akka humna namaa, bu'urri misoomaa dareefi mooraa keessaa, teekinoloojiin, sirni barnootaafi kkf. istaandaardii kan eegan ta'u. Daree keessatti lakkoofsi barataa 25-30 ta'ee, meeshaalee deeggarsa barnoota dabalataan dhiyaatanis filatamoo ta'anii babal'ina saayinsiifi teeknoloojiif bu'uura akka buusanitti (soft copy & hard copy) manneen dubbisaa keessatti akka gurmaa'an ni taasifama.

2.3.Abbummaa

Manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa addaa godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa Oromiyaa keessatti argamanitti kan waamaman yoo ta'u, Biiroo Barnootaa Oromiyaa waliin walitti dhufeenya olee (Vertical) kan qabaniidha. Haalli caaseffama mana barnootaa addaa akka asiin gadiin ibsama.

2.4.Hoggansa

Manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa addaa godinaaleefi bulchiinsa magaalotaan bulan bara barnootaa 2013 irraa eegalee kan saaqaman yoo ta'u, barattoonni aanaaleefi magaalota baadiyyaa adda addaa irraa waan filatamaniif qaamni giddugaleessatti ol'aatummaan hogganuufi qindeessu

jiraachuun ni barbaachisa. Haaluma kanaan, boordiidhaan kan hogganamu ta'ee, miseensonni boordii mana barnootaa sadarkaa lammaffaa addaa kan asiin gadii ta'u.

3. Caaseffama Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa (OROMIYAA)

Gabatee 1. Caaseffama boordii mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa godinalee/magaalotaa

	Boordii Sadarkaa Godinaa		**Boordii Sadarkaa Magaalaa**	
TL	**Miseensota Boordii**	**Gahee hojii**	**Miseensota Boordii**	**Gahee hojii**
1	I/A Bulchaa Godinaa	Walitti Qabaa	I/A Kantiibaa Magaalaa	Walitti Qabaa
2	Bulchaa Aanaa	I/A/Walitti Qabaa	Bulchaa gandaa	I/A/Walitti Qabaa
3	I/g. Waajjira Barnootaa Godinaa	Barreessaa	Waajjira Barnoota Bul. Magaalaa	Barreessaa
4	I/g. WMWD Godinaa	Miseensa	WMWD Bul. Magaalaa	Miseensa
5	Waajjira Dhimma Dubartootaa Daa'immaniifi Dargaggootaa godinaa	Miseensa	Waajjira Dhimma Dubartootaa Daa'immaniifi Dargaggootaa Magaalaa	Miseensa
6	Wajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa godinaa	Miseensa	Wajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa Bul. Magaalaa	Miseensa
7	Dura Bu'aa Mana Barumsaa Addaa	Miseensa	Dura Bu'aa Mana Barumsaa Addaa	Miseensa

Qabeenya Namaa /Human Resource



1.2.1. Caasaa Ogeeyyii Barumsaa

Dura bu'aafi itti aanaa mana barumsa sadarkaa 2^{ffaa} addaa godinaalee fi bulchiinsa magaalotaan hundeeffaman dorgommii ifaatiin filatamanii ramadamu. Dura bu'aafi itti aanaan mana barumsa kanaa yeroo tajaajila isaanii waggaa afur ta'ee, marsaa kan biraaf irra deebi'anii dorgomuun dabalataan waggaa afuriif tajaajiluu ni danda'u. Manajimantiin mana barumsaa dura bu'aa mana barumsaan kan hogganamuta'ee, miseensota: itti aanaa dura bu'aa, itti gaafatamtoota muummeewwanii shanfi dura taa'aa gamtaa maatii, barsiisotaa fi barattootaafi bulchiinsaafi faayinaansii nama tokko walumaagala nama sagal kan ofkeessatti hammatu ta'uun hundeeffamee hojiiwwan mana barumsichaa hoggana.

Koreen mirkaneessituu qulqullinaafi sirna barnootaa I/A dura bu'aa mana barumsichaan kan hogganamu ta'ee miseensonni itti gaafatamtoota muummeewwanii yoo ta'an dhimmoota qulqullinaafi hojiirra oolamaa sirna barnootaa gaggeessu.

Dura bu'oonni muummeewwanii barsiisota keessaa dorgomanii yeroo waggaa lamaaf kan tajaajilan ta'ee, marsaa kan biraa tokko qofaaf (wagga lama) dorgomanii tajaajiluu ni danda'u. Manni maree muummeewwan barnootaa, gaggeessitoota muummeewwaniitiin kan hogganamu ta'ee barsiisota muummee isaa kan ofkeessatti qabuun gurmaahee hojii barnoota muummee sanaa raawwata.

Gabatee 4. Gurmaa'ina kutaalee hoggansa hojii barnootaa

No	Kutaa	Remark
A	**Kutaa Hoggansaa**	
1	Dura bu'aa	
2	Itti aanntota dura bu'ootaa	
B	**Muummeewwan Barnootaa**	
1	Muummee Afaanota Biyya Keessaa	
	• Yuunitii Afaan Oromoo	
	• Yuunitii A/Amaaraa	
2	Muummewwan Afaanota Biyya Alaa	
	• Yuunitii Afaan Ingilizii	
	• Yuunitii Afaan Chayinaa	
	• Yuunitii Afaan Arabaa	
	• Yuunitii afaan Faransaay	
	• Yuunitoota Mana Barumsaan Dabalataan Banaman	
3	Muummee Barnoota Saayinsii Uumamaa	
	• Yuunitii Barnoota Herregaa	
	• Yuunitii Barnoota Fiziksii	
	• Teekinishaana laaboraatorii Fiiziksii	
	• Yuunitii Barnoota Kemistirii	
	• Teekinishaana laaboraatorii Keemistirii	
	• Yuunitii Barnoota Bayolojii	
	• Teekinishaana laaboraatorii Baayooloojii	
	• Yuunitii Barnoota Guddinaa fi Jabeenya Qaamaa	
	• Yuunitii Barnoota TQO (ICT)	
	• Teekinishaana laaboraatorii TQO	
4	Muummee Barnoota Sayinsii Hawwaasaa	
	• Yuunitii Barnoota Seenaa	
	• Yuunitii Barnoota Ji'ogiraafii	
	• Yuunitii Barnoota Siviksiifi Naamusaa	
5	Muummee Sirna Barnoota Dabalataa fi Wal-maddeessaa	Yaada haaraa

	• Yuunitii Barnoota Aadaafi Beekumsa Xabboo	
	• Yuunitii ‘Qajeelachaafi Gorsaa Ogummaawan Hojii (vocational guidance and career counseling)	
	• Yuunitii Barnoota Wal-maddeessaa	

Barbaachisummaa Hundeeffama Muummee Sirna Barnoota Dabalataafi Barnoota wal-Maddeessaa

Barnoonni Afaanota biyya alaa akka sirna barnoota dabalataatti kennuuf kan karoorfame sababoota akka fakkeenyaatti asii gaditti dhiyaataniif.

1. Akka addunyaatti yaaduu, dandeettiifi waa’ilummaa (partnership) waan cimsuufi biyyuma ofii taa’anii addunyaa akka baran waan taasisuuf
2. Dorgomtummaa biyyaa waan dabaluuf.
   Fakkeenyaaf, kaampanota chaayinaa saffisaan babal’achaa jiran keessatti hirmaachuuf carraa uumamu
3. Dandeettii baay’inummaa hubachuufi dinqisiifachuu dabaluun wal hubannaa hawaasa adda addaa jidduutti uumuuf.
4. Jijjiirama gurguddoo ministeerri barnootaa xiyyeeffannoo kenneef keessaa tokoo waan ta’eef.

Gama biraatiin, barbaachisummaa barnoota aadaa fi beekumsa xabboo (indiginious knowledge) keessaa muraasni:

1. Barattoonni eenyummaafi aadaa isaaanii akka barataniifi tursiisaniif
2. Barattoonni sabaafi sablammoota, akkasumas hawwasa addunyaa waliin wal baruun akka waliin jiraataniif
3. Barattoonni ofitti amanammaafi jaalala biyoolessaa akka horatan waan gumaachuuf

Barbaachisummaa yuunitii ‘Vocational guidance’ fi ‘ career counseling’

Akka muuxannoon biyyoota guddatanii agarsiisutti barattoonni ganamuma irraa fedhii isaanii hubachuun ogummaan yoo deeggaraman hedduu milkaa’uu akka danda’aniidha. Biyya keenyatti garuu namni fedhii isaa irratti hundaa’ee barachuufi hojjechuun, akkasumas daa’immanis haala fedhiifi kennaa isaaniin adda baasuun deeggaruun hin baratamne. Kanaafuu, manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa banaman keessatti ‘Vocational guidance’fi ‘ career counseling’ jalqabsiisuun

barattoonni gorsa oogummaa argatanii fedhiifi dandeettii isaanii hubachuun akka qopha'an akka gargaarutti tajaajila ogummaa kana diriirsuun barbaachisaadha.

Kana malees, muuxannoo gama kanaan argamu gara manneen barnootaa birootti babl'isuun egeree dhalootaa milkeessuufis ni gargaara. Kanaafuu, yuunitiin kun hojii kana yoo hojjete bu'aalee armaan gaditti caqafaman milkeessuu danda'a.

1. Kennaa barattoonni uumamaan qaban addaa baasuufi dagaagsuuf ni gargaara.

2. Qabatamummaa sirna barnootaa idilee utubuuf gargaara

3. Barattoonni rakkoo hawaas-dinagdeefi dhuunfaa isaaniif fala akka kennan gargaara

Hub. Sirni barnootaa barnoota dabalataafi walmaddeesaa qindeessummaa BBOtiin, hayyoota universitiiwwanii, ogeeyyii afaaniifi barsiisotaan kan qophaa'u ta'a.

Gabatee 2. ***Humna namaa caasaan mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa tokko qabaachuu qabu*****:**

Manni barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa caasaa humna namaa

TL	**Caasaa**	**Baay'ina**
1	Dura bu'aa	1
2	Itti Aanaa Dura Bu'aa	2
3	Haala mijeessituufi Mana galmee (Secretary II)	1
4	Barsiisota(kanneen sirna barnoota dabalataafi walmadeessaa qindeessan dabalatee)	Gosa barnootaa hundaaf
5	Ogeessa Wiirtuu Dagaagina kalaqaafi ogummoota adda addaa(Technological Assistant III)	1
6	Bulchiinsa humna namaafi faayinaansii (Resource manager III)	1
7	Hojjetaa herregaa(Accountant III)	1
8	Qabduu maallaqaa II	1
9	Hojjetaa ragaa barattootaa II	1
10	Hojjetaa mana kitaabaa II	2

11	To’ataa waardiyaa I	1
12	Waardiyyaa I	4
13	Ogeessa fayyaa(school Nurse)	1

kan qabaatu yoo ta’u, sadarkaa guddina mana barumsichaa, bal’ina hojiifi guddina teeknoolojii tilmaama keessa galchuudhaan gara fuula duratti humna namaa xiqqeessuus ta’e dabaluu ni danda’a. Caasaa kana keessatti gurmaa’inni muummeewwanii (departments), kutaalee hojii (units), gumiiwwan barnoota walmaddeessaa hirmaannaa barattootaa,barasiisotaafi hoggansa mana barumsichaatiin akka hundeeffaman ta’a.

Gama biraatiin, ogummaawwan/hojii akka tajaajila yaalii duraa (first aid) gumii fannoo diimaatti fayyadamu ta’ee, hojiiwwan hojjattoota deeggarsaatiin raawwatamuu malu kan akka ***Qulqulleessituu*** fi ***Shukuntuu*** (gardener) akka barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaaluu wajjin dubbachuun qacara kontoraataan simatanii hojjachiisuu ykn dhaabbata biraatti dabarsuun (outsource) ni dandaa’ama.

4. Gahee Hojiifi Ittigaafatamummaa Qaamota Adda Addaa

4.1. Biiroo Barnootaa Oromiyaa

- Kafaltii faayidaalee dabalataa/onnachiiftuu adda addaa (top up) barsiisotaa fi hoggansa mana barumsaa mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaaf mata duree 6.3 jalatti caqafameef bajata ni ramada.
- Qajeelfamoota ni qopheessaa; qorannoo ni gaggeessa; Manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa madaaluun ni sadrakeessa,
- Lakkoofsa addaa (school unique ID) ni kenna;
- Bajata gargaarsaa/School grant/ ni ramada;
- Muuxannoo gaggaarii manneen barnootaa addaa ni qindeessa, ni daawwachiisa;
- Kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, meeshaalee TQOfi laboraatorii ni dhiyeessa;
- Yeroo yeroodhaan supparviizyiniifi inispeekshinii ni gaggeessa;
- Boordii mana barumsaa waliin raawwii hojii MB madaalee raawwii ol’aanaaf beekamtii ni kenna, ni jajjabeessa,

- Qaamolee adda addaa waliin ta’uun egeree barattootaaf haala ni mijeessa.

4.2. Boordii Mana Barnootaa Sadarkkaa 2^{ffaa} Addaa

Boordiin mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa hojiiwwan mana barumsichaa olaantummaadhaan ni hoggana. Miseensota caasaa mootummaafi hawaasa naannoo irraa walitti dhufaniin kan hundeeffamu yoo ta’u, itti waamamni isaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiif ta’ee:

- Karoora tarsiimaawaa fooyya’iinsa mana barumsaafi sagantaa hojii waggaa madaaluun barnoonni qulqullina qabu akka kennamu ni hoggana;
- Aanaa/magaalaa manni barumsaa keessatti argamu bajata mindaafi hojii raawwachiiftuu ramadamuu isaa ni hordofa ni raawwachiisa

- Hojii mana barumsichaa ol’aantummaan ni hordofaa,deeggarsa taasisa;
- Biiroo Barnootaa, Bulchiinsa Godinaa/Magaalaa, Aanaafi WBG waliin qindoominaan hojjata;
- Gaaffii lafaafi leecalloo barbaachisuuf qaamota adda addaa waliin ta’uun furmaata ni kenna;
- Waggaatti si’a 4 (afur), walgahuun kurmaana kurmaanaan raawwii hojii ni madaala; kallattii ni kaa’a. Yeroo barbaachisetti kurmaana osoo hin eegin walgahii ni taa’a.
- Miseensata boordii keessaa harki walakkaa ol (50%+1) yoo argaman maree nigaggeessa;
- Hojiirra oolmaa qajeelfamootaafi karoora mana barumsichaa ni hordofa, raawwii hojiis madaalee kallattii ni kenna;
- Dura bu’aa mana barumsaafi GMBB madaaluun kallattii nikenna,
- Karoora misooma mana barumsichaa ni baafata, leecaalloo maddisiisee hojiirra olmaa isaa ni hordofa;

- Komiifi ol-iyyannoowwan dhiyaatan qulqulleessuun furmaataa xumuraa ni kenna,

- Dorgommii dura bu’oota mana barumsichaa xiinxaluun ni mirkaneessa,

- BBOf gabaasa ni dhiheessa

4.3. Bulchiinsa Godinaa/Magaalaa

Itti aanaan bulchaa godinaa/kantiibaa magaalaa walatti qabaa boordii ta’ee, bulchiinsi godinaa/magaalaa gahee armaan gadii ni qabaata.

- Aanaa/bulchiinsa magaalaa waliin ta'uun bajanni mindaafi hoji-raawwachiiftuuf ta'u ramadaamuu isaa ni hordofa; ni raawwachiisa.
- Hawaasni godinichaa/magaalichaa/ dhimma manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa hubannoo akka qabaatuufi deeggaru ni hojjeta;
- Nageenya barattootaafi hawaasa MB sadarkaa 2^{ffaa} addaa ol'aantummaan ni hordoffa;
- Ijaarsaafi babal'ina MB sadarkaa 2^{ffaa} addaatiif lafa ni dhiyeessa, bakka barbaachisaa ta'etti beenyaa ni kaffala,
- Akka barbaachisumaa isaatti gamoo/kutaalee barnootaafi tajaajila adda addaaf oolan yeroodhaaf ergisaan ykn mala biraatiin ni dhiyeessa;

4.4. WBG/WB Bulchiinsa Magaalaa

- Mindaa fi hojii raawwachiiftuuf Bajanni ramadamuu isaa ni hordofa. ni raawwachiisa.
- Barreessaa boordii mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa ta'ee ni hojjeta;
- Supparvaayizaroonni mana barumsichaa akka hordofaniifi deeggaran ni taasisa;
- Barbaachisummaa hundeeffama mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa ilaalchisee hawaasaaf hubannoon akka uumamu ni taasisa;
- Manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} biroon muuxannoo mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa akka qooddatan ni jajjabeessa, haala ni mijeessaa,
- Filannoo barattootaafi sochiiwwan biroo irratti mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa waliin ittidhiyeenyaan ni hojjeta;
- Filannoo, rammaddiifi jijjiirraa barsiisota mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa irratti qooda ni fudhata;
- Biiroo barnootaa waliin ta'uun kitaabilee barataa, qajeelcha barsiisaafi meeshaalee barnootaa biroo ni dhiyeessa;

4.5. Mana Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa

- Bajata barbaachisu karoorfachuun boordiin mirkaneessisee waajjira barnoota aanaaf dhiheessuun ni qabsiifata.
- Karoora tarsiimawaafi kan waggaa leecalloo barbaachisu waliin ni qopheessa, boordiif dhiyeessee ni mirkaneessisa;

- Barnoota qulquina qabu kennuudhaan bu’aa barachuu barattootaa sadarkaa ol’aanaatti fooyyeessuuf ni hojjeta;
- Dandeettiifi fedhii kalaqaa barattootaa sakatta’ee hojimaata mul’ata isaanii dhugoomsuuf gargaaru ni diriirsa, raawwii isaa ni hordofa;
- Beekamtiifi badhaasawwan barbaachisoo qaama maluuf ni kenna.
- Seer-bu’uuraalee imaammata biyyaafi naannoo baasu bu’uureffachuun sagantaalee hojii ni qopheessa; hojiirra ni oolcha.

4.6. Dura Bu’aa Mana Barumsaa

- Dura bu’aan mana barumsaa dorgommii ifaan boordii mana baruumsaatiin qaxarama;itti waamamni isaa Boordiif ta’a
- Yeroon turtii isaa ga’umsa raawwii isaa irratti hundaa’un waggaa afur ta’e dorgommiin itti fuufu ni danda’a
- Raawwiin hojii isaa gaadaanaa yoo ta’e walii galtee addaan kutuun ni danda’ama

Gaheewwan hojii isaa:

- Bajata barbaachisu ni karoorfata; boordiif dhiheessuun raawwii isaa ni hordofa
- Manni barumsichaa galii dabalataa akka argatu ni karoorfata, akkasumas ni burqisiisa.
- Dhimmoota mana barumsaa ilaallatan hundaaf bakka bu’ummaa ni qabaata;
- Qulqullinaafi galma gahiinsa hojii mana barumsichaaf gahee hojii qoqqooduun ni kenna;
- Madaalliin raawwii hojii barsiisotaafi hojjattoota bulchiinsaa waggaatti yeroo lama akka gaggeeffamu ni taasisa;
- Barachuu barattootaa deeggaruuf tajaajila mana kitaabaa, laboraatoorii, Wiirtuu gabbisa kalaqaafi ogummoota adda addaa, giddugala leecalloo barnoota fedhii addaa, TQOfi kkf. ni gurmeessa;
- Muummeewwan, gumiiwwaniifi dhimma barnoota walmaddeessa ni hoggana, ni hordofaa, raawwii isaanii ni madaala;
- Seeraafi qajeelfama MB irratti hundaa’uun tarkaanfii naamusa barattootaa, barsiisotaafi hojjattootaa irratti fudhatame ni mirkaneessa;
- Sirna leenjii ijaarsa dandeettii qulqullina barnootaa mirkaneessuuf gargaaru barsiisotaaf ni diriirsa; raawwii ol’aanaa ni onnachiisa;

- Muuxannoo gaggaarii ofiisaa qindeessuudhaan MB naannoo isaa jiran akka irraa baratan ni taasisa;
- Manni barumsichaa sadarkaa olaanaatti bu'a qabeessa akka ta'uuf istaandaardii eegsisuuf ciminaan ni hojjata;
- Ragaa barattootaafi hojjattootaa hunda ni qindeessa;
- Filannoo barattootaafi barsiisotaa irratti ni hirmaata;
- Sakatta'iinsa haalaafi qorannoo/research/ gaggeessudhaan hojimaata baruu-barsiisuu daran ni fooyyessa; babal'ina teeknoolojiitiif haala ni mijeessa;
- Karoora waggaafi wixinee bajata mana barumsichaa boordiifi WBA/magaalaf dhiheessuun yeroo mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- Mana barumsaa bakka bu'uun lakkoofsa herrega baankii qaama dhimmi ilaallatu wajjin banuun herrega ni sochoosa;
- Hojiiwwan bulchiinsaa mana barumsichaa karaa iftoominaafi hirmaachisummaa qabuufi dimokiraatawaa ta'een hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa;
- Gabaasa raawwii hojii mana barumsaa gamaaggamame kurmaanaan boordiifi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiif ni dhiheessa;
- Filannoo itti gaafatamtoota mummeewwani ni mirkaneessa;
- Hojii dabalataa boordiin mana barumsaa irraa kennamu ni raawwata;

4.7. I/A/Dura Bu'aa Mana Barumsaa

- I/A dura bu'aa mana barumsaa boordii mana barumsaatiin qaxarama.
- Itti waamamni isaa dura bu'aa mana baruumsaatiif ta'a.
- Raawwiin hojii I/A dura bu'aa gadaanaa yoo ta'e, manni barumsaa waliigaltee isaa addaan kutuu ni danda'a; yookin aangoo irraa kaasuu ni danda'a.

  Gaheen hojii isaas:

- Dhimmoota barnootaa hunda irratti dura bu'aa ni deeggara, ni gorsa.
- Dhimma barnootaa ni qindeessa, ni qajeelcha.
- Karoora hojii waggaa damee akkaadaamii ni qopheessa;
- Hojiilee gaggaarii muuxannoo ta'an ni qindeessa.
- Waldaawwii hiriyyee(peer observation) barsiistootaa ni mijeessa; waltajjii walirraa barannaa ni qopheessa.

- Adeemsa baruu barsiisuu hordofuun gochaalee hojii gareefi dhuunfaa barachuu danda'an foyyeessuu dandeessisan ni deeggara; ni qajeelcha.
- Qaawwaafi fedhii leenjii barsiistootaa adda baasuun karoora dagaagina ogummaa walitti fufaa ni qopheessa; raawwii isaas ni hordofa.
- Raawwii hojii akkaadaamii(muummeewwanii, gumiiwwanii) kurmaana kurmaanaan ni madaala, nisadarkeessa, duubdeebii nikenna, dura bu'aaf mana barumsaaf nidhiheesa;
- Barnoonni m/b keessatti sirnaan kennamuu isaa ni hordofa.
- Sagantaa hojiifi wayitii barnootaa muummeewwan waliin ta'uun qopheessuun barsiistotaaf ni qooda.
- Sagantaa titooriyaalii ni baasa, barsiisota ni ramada, daree ni qopheessa.
- Hojii dabalataa dura bu'aa irraa kennamuuf ni raawwata.

4.8. Manajimantii Mana Barumsaa

- Karoora tarsiimawaafi kan hojii waggaa boordiidhaan mirkanaa'u ni qopheessa;
- Raawwii hojii koree muummeewwanii hunda irraa dhiyaatu ni dhaggeeffata, ni qindeessa, boordiidhaaf ni dhiyeessa;
- Ji'a ji'aan walgahuudhaan dimmoota baruu-barsiisuufi bulchiinsa mana abrumsichaa ilaallatan irratti ni mari'ata;
- Imaammattoota faayida-qabeessa ta'an adda baasuufi sakkatta'uun wixinee yaada furmaataa waliin mana barumsaatiif ni dhiyeessa;
- Jijjiirama akka naannoofi biyyaatti mul'atu irraa ka'ee seerotaafi qajeelfamoota MB yeroo yeroon ni fooyyeessa;

4.9. Koree Mirkaneessa Qulqullinaafi Sirna Barnootaa

Koreen qulqullinaafi sirna barnootaa yoo xiqqate ji'atti si'a tokko kan walgahu ta'ee:

- Sirna barnootaa mana barumsaa isaanii ni madaalu, haala barachuu barattootaa fooyyessuun hojiirra ni oolcha.
- Jijjiirama saayinsii barnootaa keessatti yeroo yeroon mul'atu sakatta'uun haala hojiirra oolmaa isaa manajimantii mana barumsaaf dhiheessuun akka hojiirra oolu ni taasisa.
- Suparvizyinii keessoo ni adeemsisa.
- Bu'a qabeessummaa malleen baruufi barsiisuufi iyyaafannaa madaaluun yaada ni kenna.
- Sirna madaallii barattootaa ni qopheessa, hawaasa mana barumsaa ni beeksisa.

- Himata dhimma qormaataa ilaallatu ni ilaala; kallattii ni kenna.
- Leenjiiwwan adda addaa baruufi barsiisuu gabbisan akka kennamu yaada dhiheessa; mata duree leenjii adda ni baasa.
- Hojii dabalataan dura bu'aan kennamu ni raawwata.

4.10. Mana Maree Muummeewwanii (Department Council)

Manni maree muummeewwanii MB sadarkaa 2^{ffaa} addaa barsiisota muummee tokko jala jiran hunda hammatee itti gaafatamaa muummeetiin kan durfamu yoo ta'u,

- Kaarooraafi kaayyoo muummeewwanii kan yeroo gabaabaafi dheeraa bajata barbaachisu waliin qopheessuun karaa dursitoota muummee murtoodhaaf manajimantiif ni dhiyeessa;
- Qormaanni qophaa'u hundi qabiyyee barbaadamu hammachuu isaafi hiikoo qabaachuu isaa akkaataa gosa barnootaa isaaniin madaaluun ni mirkaneessa;
- Qabxii barattootaa seemisteera seemisteeraan qaacceessuun sadarkaa irra jiran manajimantii mana barumsaaf yaada dhiyeessa;
- Sagantaa idileetiin madaallii sirna barnootaa, fayyadama leecalloo muummeefi, sarakaaa qulqullina barootaa muummee fooyyeessuuf karooffatee ni qindeessa;
- Himata namuusaa barattootaa baruu barsiisuun (academic matters) walqabatan ilaalchisee akkaataa seeraafi qajeelfama MB tiin ilaalee murtoo ni kenna;
- Waa'ee sirna dagaagina ogummaa miiltoo/staff, carraa barnootaa (scholarships), badhaasaafi onnachiiftuufi dhimmoota biroo ilaalchisee tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti manajimantiif yaada ni dhiyeessa;
- Gabaasota yuuniitii akkaadamii hundaa irraa dhiyaatu dhaggeeffatee qindeessuudhaan gara manajimantiitti ni dabarasa;
- Dhimmoota barumsaafi bulchiinsa barattootaa ilaallatu irratti mari'achuudhaaf torban lamatti walgahii ni gaggeessa;

4.11. I/g Muummee

- Haala baruufi barsiisuu muummee ni to'ata.
- Karoora waggaafi torbee barsiisota muummee isaatiin bahan ni mirkaneessa.
- Karoora muummee miseensota waliin baasuun I/A dura bu'aan akka mirkanaa'u ni taasisa.
- Karoora mummee ni raawwachiisa, ni hordofa.

- Walitti qabaa mana mare muummee ta’uun ni tajaajila.
- Gabaasa hojii ji’a ji’aan I/dura bu’aaf ni dhiheessa.
- Gamaaggama hojii yunitiiwwanii ni raawwata; miseensota muummee ni sadarkeessa.
- Ragaa muummee hunda seeraan qindeessee qabata.
- Miseensota muummee isaa ni gorsa; ni gahoomsa; bu’uura qajeelfamaan tarkaanfii ni fudhata.
- Hojii dabalataa I/Dura bu’aan kennamuuf ni raawwata.

4.12. Maatii/Guddistoota/ Barattootaa

- Waltajjii maree manni barumsaa qopheessu irratti hirmaachuudhaan gumaacha ni taasisu;
- Jijjiirama barnootaafi namuusaa daa’ima ofii hordofuudhaan MB tiif duub-deebii ni kennu;
- Adeemsa barachuu barattoota isaanii deeggaruufi barattonni barumsa isaanii irratti akka xiyyeeffatan ni taasisuu;
- Baasii barattoota isaaniif barbaachisu hunda(nyaata, bakka bultii, meeshaalee barreessaa, kkf.) ni danda’u;
- Yoo baasiin hojii baruufi barsiisuu mana barumsichaaf barbaachise qooda ofii ni kaffalu

4.13. Gahee Hojiifi Ittigaafatamummaa Barsiisotaa

Barsiisonni manneen barnootaa addaa bulchinsa godinaa ykn magaalotaa mirgaa fi dirqama armaan gadii ni qabaatu:

Barsiisonni barachuu barattootaa sadarkaa olaanaatti foyyeessuun qabxii olaanaa akka galmeessan taasisuu keessatti gahee murteessaa qabu. Barsiistonni muuxannoo barachuu tokkoo tokkoo barattootaatiif bifa mijaawuun karoorsuufi qindeessuun ni hojjetu. Daree keessattis ta’e dareen alatti barachuufi naamusa barattoota isaaniif itti gaafatamummaa qabu.

4.13.1. Gahee Waliigalaa

Kanneen armaan gadii ittigaafatamummaa dimshaashaa barsiistoonni qabaniidha.

1. Akkaataa sagantaa bahuun daree isaanii hunda ni barsiisuu.
2. Yeroo barnootaan alatti qophii barnootaa gahaa ni taasisuu.
3. Gochaalee barnoota walmaddeessaa fi gumilee keessatti ni hirmaatu, ni qindeessu

4. Fedhii dagaagina ogummaa ofii adda baafachuun gochaalee dagaagina ogummaa walitti fufaa kamuu keessatti si'aayinaan hirmaachuu(CPD, ELIP etc.,)
5. Hojii dabalataa hoggansa mana barumsaatiin kennamuuf ni raawwatu
6. Yaadqalbiifi amala barattootaa sirreessuu keessatti gahee ofii bahachuu

4.13.2. Itti Gaafatamummaa Baru-Barsiisuufi Sirna Barnootaa

1. Seeraafi qajeelfama mana barumsaa irratti hundaa'uun karoora barannoo guyyee, torbeefi waggaa ni qopheessu
2. Hirmaannaafi hubannaa barattootaa cimsuuf yaalii, agarsiisa, meeshaalee deeggarsa barnootaa, hojii dareefi maneefi pirojektoota adda addaa ni qopheessu
3. Leeccalloo gosa adda addaa milkaa'ina baru-barsiisuuf gumaachan kanneen akka kompitarootaa, argaa-dhageettiiwwan, kitaabileefi beektota garaagaraa affeeruun ni hojjeetu

4.13.3. Iyyaafannaa fi Madaallii Barattootaa

2. Ciminaafi dadhabina barattoota isaanii iyyaafachuufi madaaluun bu'aa isaa galtee baruufi barsiisuu taasifatu.
3. Barnootaafi tutoriyaalii dabalataa fedhii irratti hundaa'e sagantaa mijeessuun ni kennu.
4. Waltajjiiwwan maatii waliin taasifaman irratti qophaa'uun ni argamu, ni qindeessu
5. Gochaalee barachuu(sochii daree keessaa, foyya'iinsa barataa, atteendaansii, yaaliiwwan, pirojektoota fi qormaataa) sirnaan galmeeffatanii ni qabatu

4.13.4. Mirgaa fi Dirqama Barsiisotaa

Barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa bulchinsa godinaa ykn magaalotaa mirgaafi dirqama armaan gadii qabaatu:

Mirga Barsiisotaa

- Ogummaa leenji'aniin tajaajila barbaachisu kennuu;
- Ulaagaalee barbaachisu guutanii yoo argaman faayidaafi guddina maluuf argachuu;
- Barnootaafi leenjii dabalataan beekumsa ofii gabbisuufi ofga'oomsuu;
- Qajeelfama raawwii bahu irratti hundaa'uun jijjiirraa bakka hojii argachuu;

- Ilaalchaafi amantaa dhuunfaa ofii qabaachuu;
- Fooyya'insa mana barumsaa keessatti hirmaachuufi yaada kennuu;
- Yaada ijaarsaa qulqullina barnootaa fooyyessuuf gargaaru dhiyeessuu;
- Gosa barnootaa barsiisan irratti bilisummaa akkaadaamii qabaachuu

Dirqama Barsiisotaa

Barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa bulchiinsa godinaa/bulchiinsa magaalotaa hojiiwwan armaan gadiitti tarreeffamaniifi kanneen biroo ogummichaan wal qabatu raawwachuuf dirqama qabu:

- Naamusaafi safuu ogummichi barbaadu gonfachuun dagaagina aadaa dimookiraasii keessatti gahee isaanii bahuun fakkeenya ta'uu;
- Mala baruu-barsiisuu hirmaachisaa ta'eefi iyyaaffannaa/madaallii/ kaayyoo jedhame galmaan gahee qulqullina barnootaa mirkaneessuu dandeessisuufi dandeettii barattootaa adda baasuun hanqina jiru guutuuf hojjechuu;
- Barattoonnii barnoota barataniin ga'umsa olaanaan akka fiixa bahan deggarsa wal-irraa hin cinne kennuu, hanqina adda baasuun furmaata kennaa deemuu;
- Qorannoofi qo'annoo gaggeessuun rakkoo qulqullina barnootaa mana barumsaa isaanii furuu;
- Sirna barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} akkaataa gahumsa barattootaa milkeessuu danda'uun qopheessuu, madaaluu, fooyyessuufi hojiirra oolchuu irratti qooda fudhachuu;
- Dura bu'oota irraa jalqabuun waldaawwii daree keessaa hiriyaa (peer class room observation) qopheessuun walirraa barachuun ogummaafi adeemsa baru-barsiisuu ofii foyyeessuu;
- Barattoota fedhii addaa qaban adda baafachuun akkaataa fedhii isaaniitti deeggersaafi kunuunsa barbaachisaa taasisuu;
- Adeemsa baruu barsiisuu keessatti ilaalchaafi amantaa dhuunfaa isaa barattoota irratti fe'uu irraa ofqusachuu;
- Dagaagina Ogummaa walittifufaa mana barumsaa keessatti gaggeeffamu irratti hirmaachuu
- Seeraafi qajeelfamoota mana barumsichaa kabajuufi kabachiisuu
- Waltajjii manni barumsaa qopheessu irratti hirmaachuu

4.14. Mirgaafi Dirqama Barattootaa

Mirgoota Barataa

Barattonni mana barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} addaa godinaalee ykn bul. magaalotaan hogganaman keessatti baratan hundi(adda addummaa umrii, koornayaa, qaama miidhamummaan osoo hin qoodamin) mirgoota asiin gadii ni qabaatu:

- Tajaajila barnootaa kaffaltii irraa bilisa ta'e argachuu
- Kitaabilee barataafi kitaabilee dubbifaman biroo karaa haqa qabeessa ta'een argachuu
- Yeroo manni dubbisaa tajaajila kennutti mana dubbisaatti fayyadamuufi kitaabilee wabii ergifachuun fayyadamuu
- Deeggarsa barnoota dabalataa raawwii barnoota isaanii cimsu keessatti hirmaachuu
- Tajaajila qajeelchaafi gorsa ogummaa argachuu
- Tajaajila interneetii daangeffamaafi toahannaa qabu argachuu
- Carraa kutaawwan yaaliifi qorannoo barsiisaan hogganamu keessatti hirmaachuu
- Raawwii hojii olaanaa galmeessisaniif beekamtiifi badhaasa argachuu
- Iyyataafi komii dhimma barnootaa irratti qaban dhiheeffachuufi furmaata haqa-qabeessa argachuu
- Sababa gahaan yoo jiraate jijjiirraa gara mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} naannichaa birootti argachuu

Dirqama Barattootaa

Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaatti baratan dirqamoota asiin gadii ni qabaatu.

- Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti si'aayinaan hirmaachuu
- Seerotaafi qajeelfamoota mana barumsaafi kan biyyaa kabajuufi kabachiisuu
- Qabeenya mana barumsichaaf eeggannaa barbaachisu taasisuufi sirnaan itti fayyadamuufi qabeenya mancaasaniif seera jiruun gaafatamuu
- Sansakkaa gaarii qabaachuufi gochaalee seeraafi aad-malee ta'an kan akka miidhaa adda adda geessisuu, hanna, mirga namoota biroo sarbuu kkf irraa of-qusachuu
- Barnootaafi leenjii ofiif itti gaafatamummaa fudhachuu

- Haala imaammataafi qajeelfama mana barumsichaatiin dareewwan barnootaa hordofuu, yeroo qormaataafi adeemsawwan madaallii adda addaa irratti argamuu/raawwachuu
- Barsiisota mana barumsichaa waliin ta'uun dhimmoota babal'inaafi hojiirra oolmaa beekumsaafi ijaarsa biyyaa irratti hirmaachuu
- Hojiiwwan manaa, abbaltiiwwan pirojektii, barnoota shaakalaa, kutaa yaalii, hojii dirree barsiistotaan kennaman fudhachuun yeroon raawwachuu
- Kalaqa teekinooloojii(teekinooloojii haaraa) dagaagina beekumsa mataa ofiifi faayidaa hawaasaaf oolu keessatti hirmaachuu
- Muummeewwan barnootaafi barattoota daree waliin gamtoomuun hojiiwwan barnoota milkeessuu
- Naamusa dhuunfaa, kabaja yaada namoota biroo, wal danda'uu, loogii irraa bilisa ta'uufi amanummaa qabaachuu
- Miseensi hawaasa mana barumsichaa seeraafi qajeelfama mana barumsichaa yeroo cabsu mana barumsaaf gabaasuu/beeksisuu
- Haala manni barumsaa gaafatuun madaallii barsiisotaa irratti hirmaachuu
- Koreewwaniifi qaamolee mana barumsichaatti murtii kennan keessatti haala qajeelfama kana keessatti ibsameen hirmaachuu
- Uffata seeraa mana barumsichaa fudhatama qabu uffachuu

5. Kutaawwan Hojii Mana Barumsichaa

Daree Barnootaa

Manni barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa bara barnootaa 2013 irraa egalee dhaabbata bifa haaraan istaandaardii kaa'ame eegee hundeeffamu keessatti banama. Dandeettiin simannaa isaa kutaa 9-12tiif barattoota 1000 t'ee, bara isa jalqabaa irraa eegalee barattoota qormaata naannoo fudhatanii qabxii darbiinsaa argatan dorgomsiisee kutaa 9 tti galmeessa. Barattoonni carraa argatan fedhii isaanii irratti hundaa'uudhaan 50% damee barnoota saayinsiitti, 50% ammoo damee sayinsii hawaasaatti akka ramadaman dursa itti beeksifamuu qaba. Dareewwan barnootaa barattoota 25-30 simachuu akka danda'anitti kan ijaaraman yoo ta'u, istaandaardiin bal'ina kutaa 7.20m*6.40m=**46.08m^2** ta'uu qaba.

Kutaalee Bulchiinsaa

Kutaaleen bulchiinsaa tajaajila bulchiinsaa kennuuf kan oolaniidha. Kutaaleen barbaachisaniifi istaandaardiin isaanii asiin gadiitti ibsaameera.

Gabatee 3.Gamoowwan Bulchiinsaa

TL	**Kutaa**	**Bal'ina (m^2)**
1	Waajjira Durabu'aa mana barumsaa	3.55*3.53=12.53
2	Waajjira Itti Aaanaa Durabu'aa	3.55*3.53=12.53
3	Kutaa Ragaa Barattootaa/Record office	3.55*3.53=12.53
4	Kutaa Boqonnaa Barsiisotaa/Staff room	3.7*3.53=13.05
5	Kutaa Haala mijeessituufi galmee	3.*3.53=10.59
6	Kutaa Tajaajia yaala duraa/First aid room	3.53*4.20=14.83
7	Kutaa Qabeenyaa/store	5.55*6.70=37.19
8	Kutaa Qulqulleessituu	14.85*1.2=17.82
9	Mana fincaanii Hojjattootaa/Staff Toilet	2.15*2.85=6.13

Mana Fincaanii Barattootaa

- Barattoota dhiiraaf mana fincaanii boolla 6 qabu ta'ee bal'inni tokko tokkoo isaa 0.9m*1.2m=1.08 m^2 ta'a.
- Barattoota Dubaraatiif mana fincaanii boolla 6 qabu ta'ee bal'inni tokko tokkoo isaa 0.9m*1.2m=1.08 m^2 ta'a.
- Barattonni harka dhiqannaadhaaf bishaan gahaa argachuu qabu.

Gamoo Mana Kitaabaa

- Bal'inni gamoo mana dubbisa kitaabaa lakkoofsa barattootaa mana barumsichaatti galmaa'anii irratti kan hundaa'u ta'ee, bakki dubbisaa istaandaardii kan eegeefi barataa hundaaf teessoo gahaa kan qabu taha.
- Manni kitaabaa kutaa hojjattoota mana dubbisaa, bakka itti dubbifamu fi kuusaa/store mijataa kan qabu ta'ee, kitaabilee jiran keessaa 90% isaanii kitaabilee waabii 10% ammo kitaabilee asoosamaa/fictions/ akka ta'aan eegama.

Kutaa Yaalii/Laboratory

- Barnoota saayinsii Fiiziksii, Keemistirii, Baayoloojiifi kanneen biroofis kutaan yaalii adda addatti qophaa'uufii qaba. Kutaan yalii tokko tokkoon isaa bakka qophii teekinishaanii, keemikaalotaafi meeshaaleen laaboraatorii kaa'aman akkasumas kutaa barattootatti itti agarsiifamu, itti barataniifi itti shaakalan kutaa addaa istaandaardii laboraatoorii mana barumsaa sadarkaa lammaffaa kan biyyaattii guutuu qaba.
- Gosa barnoota saayinsii hawaasaa akka Ji'oogiraafii, aartii, giddu gala Aadaa (Cultural center) kkf. mul'ataafi dandeettiifi kalaqaa barattoonni itti gabbifataniifi ogummaa jireenya egereef (future occupational career) haala fedhii isaaniin itti qophaa'an jiraachuu qaba.

Galma Walgahii

Manni barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa galma walgahii iddoo bal'aafi meeshaalee guutuu sagalee/ noise/ fi bulluqa/suffocation/ ittisuu danda'an akkasumas babal'ina COVID-19fi dhibeewwan daddarboo biroo iitisuuf gargaaru guuttachuu qaba.

Kutaa Leecalloo Barnoota Fedhii Addaa(BFA)/Resource Center/

Kutaan leecalloo BFA bakka barattaaoonni fedhii addaa qaban meeshaalee deeggarsaa teekinoolojii kan dhageettii/hearing device, kompuutera, bireeliifi kkf. fayyadammudhaan

dandeettii isaanii itti dagagfataniidha. Kutaa inni guddaan wiirtuu kanaa bal'ina kutaa 12m*8m=96m^2 fi kuusaa meeshaa of 11m*9m=99m^2 bal'atu niqabaata.

Kutaan leecalloo BFA barsiisota barnoota fedhii addaa/ SNE teachers/ meeshaalee teekinoolojiitti madaqan /adaptive technologies/ fi bu'uurawwan misoomaa barattoonni miidhama qaamaa/fedhii addaa qaban sodaa malee bakka bakkatti socho'oon meeshaalee achi jiran fayyadamanii barachuu barnoota isaanii fooyyefachuu akka danda'an deeggaruu qaba.

Kutaa TQO

Manni barumsichaa giddugala TQO (ICT-Center), tajaajila intarneetiifi laaboraatorii Afaanii /Language Lab./ ni qabaata. Giddugalli kun baay'ina barattootaa mana barumsichaatti galmaa'an irratti kan hundaa'u ta'a. Walumaagala hirri kompuuteraa gara barataa **1:1** ta'a.

Wiirtuu Gabbisa Kalaqaafi Ogummoota Adda Addaa (Innovation and Skills Development Centre)

Wiirtuun gabbisa kalaqaafi ogummootaa bakka barattoonni kenna kalaqaaf qaban akkasumas fedhiifi dandeettii artiiwwan garagaraa (muuziqaafi aartiiwwan adda addaa) itti shaakalaniifi gabbifatanidha.

Manni barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa wiirtuu gabbisa Kalqaafi ogummoota adda addaa kutaawwn lama qabaata.Kutaa inni tokko kan barattoonni kalaqa adda addaa keessatti yaalan yoo ta'u, inni lammaffaa ammoo bakka shaakalaafi gabbisa muuziqaafi aartiiwwan adda addaa ta'a.

Kana keessatti saayintistootaafi ogeeyyii gurguddoo biyyaafi naannoof gumaacha guddaa taasisan ni horatamu jedhamee abdatama.

Kanaafuu, wiirtuun kun leecalloo shaakalaafi gabbina kalaqaafi ogummaatiif barbaachisan guuttachuutu irraa eegama. Hojiiwwan wiirtuu kanaa qindeessuuf yunitiin sirna barnoota dabalataafi wal-maddeessaa itti gaafatamummaa ni qabaata.

Kutaa Yaala Duraa/First Aid Room/

Barattonni yeroo barnootaa isaaniitti dhibeewwaniifi miidhama adda addaaf saaxilamuu ni danda'u.Tajaajila yaala duraa kennuudhaaf ogeessi fayyaa leenji'e mana barootaa addaaf ramadamuu qaba. Haaluma kanaan, manni barumsaa addaa kutaa yaalii duraa meeshaalee bu'uuraa guutameefii barattoota gaaffii yaala duraa dhiyeessaniif deeggarsa kennuufii qaba.

Bakka Boqonnaa Barsiisotaa, Barattootaafi Hojjattoota Bulchiinsaa

Barsiisonni,barattoonnifi Hojjattoonni Bulchiinsaa tajaajila bunaafi shaayii akkassumas ciree/nyaata argachuu fedhuu malu. Barsiisotaafi hojjettoota bulchiinsaaf kutaa meeshaalee asiin gadii qabatu tokko; akkasumas barattootaaf tokko jiraachuu qaba.

1. TV- abbaa inchii 25fi isaan olii
2. Kaaseetii Vidiyoo bashannansiisoo
3. Diishii/Satellite Dish
4. Tajaajila Intarneetii
5. Tapha kutaa keessaa kan akka Cheezii, Teenisii minjaalaafi kkf
6. Afarsaa (Air conditioner) akka barbaachisummaa isaatti
7. Qabanneessaa/ Refrigerator
8. Meeshaalee kaafiteeriyaaf barbaachisan
9. Meeshaalee harka dhiqannaa / WASH & manustral hygiene management facilities/ dhiiraafi dubaraaf

Bajata

Maddi faayinaansii mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa bu'uuraan bajata mootummaa irraa ta'ee, bajanni mindaa barsiisotaafi hojjettootaa akkasumas hojii adeemsiftuuf baarbaachisu sadarkaa aanaa/ bulchiinsa maagaalaa manni barumsichaa keessatti argamuun karoorfamee bajatuma aanaa/ bulchiinsa magaalaa sanaatti labsamee mana barumsaaf kennama.Kana malees, BBO'n bajata kafaltii faayidaalee adda addaa dabalataa barsiisotaafi hojjettootaaf barbaachisuu (kan mata-duree xiqqaa 6.3 jalatti caqafame)fi bajata deeggarsaaf (school grant) ni ramada. Dabalataan boordiin, WBA, bulchiinsi magaalaa, koreen GMBB fi bulchiinsi mana barnootaa hirmaannaa qooda fudhattootaatiin galii dabalataa maddisiisuun karoora fooyya'insa mana barnootaa raawwachiisuuf olchuu nidanda'u. Manni barnotaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa sochii maallaqaa isaa iftoominaan kan bulchu yoo ta'u, bajata idilee mootummaa irraa argatuufis ta'e galii kamiifuu lakkoofsa herregaa baankii (Bank Account) maqaa mana barumsaatiin saqqachuutu irraa eegama. Manni barumsaa bajata deeggarsaa (School grant) argachuuf lakkoofsi addaa (School unique ID) karaa EMIS ni kennamaaf.

6. Haala Filannaafi Simannaa Barattootaa

Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa addaa godinaalee/magaalotaan banamanitti simataman barattoota fedhiifi dandeettii ulaagaalee filannoo keessatti ibsaman guutan ta'ee, guutuu aanaalee godinicha keessattti argaman ykn manneen barnootaa bulchiinsa magaalaa

keessatti argamanifi godinaalee Oromiyaa biroo irraa kanneen fedhii qabaniifi ulaagaalee ibsaman guutan irraa ta'u. Kana jechuun barataan ulaagaa guutuufi mana barumsa kanatti barachuu barbaadu dorgomee galuuf hin daangeffaman.

Haalli filannoo isaaniis ga'umsa akkaadaamiif xiyyeeffannoo guddaa kan kennu ta'ee, walgitiinsa koornayaa, magaalaafi baadiyaafi qaama miidhamummaa karaa eeguu danda'uun kan raawwatu ta'a. Haaluma kanaan, hirmaannaa qaamolee hawaasaa kunneenii jajjabeessuuf qabxii dorgommii waliigalaan dhibba irraa galmeessisan irratti shamarraniif qabxii sadii(3); barattoota baadiyyaa(manneen barnootaa baadiyyaa fagoo jiranitti barachuu isaaniif ragaa seera qabeessa kan dhiheeffataniif) qabxii lama(2)fi qaama miidhamtootaaf(miidhama qaroo, miidhama dhageettii, miidhama qaama dhagnaa[physical disability] kan qaban) qaxii 4 ida'uun akka dorgoman taasifama.

Galmee Dorgomtootaa

Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa godinaalee/magaalotaan hogganamanitti barachuuf fedhiifi dandeettii baarbaachisu qaban haalaafi bakka galmeef mijeeffametti qaamaan argamuun kan galmaa'an ta'a.

Ga'umsa Akkaadaamii (Haal duree)

- Barattoonni kutaa 9^{ffaa}f dorgomuu danda'an barattoota kutaa 8^{ffaa} xumuran keessaa firii (percentile) qorumsa naannoofi firii giddu-galeessaa tiraanskiriiptii kutaa 7ffaafi 8ffaa tokkoo tokkoo isaaf yoo xiqqaate dhiiraaf 85%fi isaa ol dubaraaf 75% fi ol kan qaban ta'uu qabu.
- Firii tiraanskiriiptii gosa barnootaa **A/Ingilizii, Herregaafi afaan Oromootiin** kutaalee lamaan darbaniif tokkoo tokkoo isaaniitiin **giddugaleessaan** dhiiraaf **75%** fi isaa ol dubaraaf **70%**fi isaa ol kan qaban ta'uu qaba.

Ulfaatina Ulaagaalee Dorgommiif Kennaman

a. Qabxii firii qorumsa kutaa 8^{ffaa} **=25%**fi
b. Qabxii qorumsa barreeffamaa=7**5%**

Firiin qabxii giddu-galeessaa kan qorumsa guutuu naannoo kutaa 8ffaa dorgomtootni dhiyeeffatan akkaataa asiin gadiitti shallagamee **25%** keessaa kennamaaf. Innis qabxii qorumsa guutuu naannoo kutaa 8^{ffaa} **0.25**n baay'isuudhaan firii kennamu ta'a.

Fakkeenyaaf, Dorgomaa qabxii qorumsa kutaa 8ffaa 90% qabu tokkoof haalli itti shallagamuuf, **90*0.25=22.5%** ta'a.

Akkaataa Kenniinsa Qabxii Qormaata Seensaa (75%) Keessaa

Qorumsi seensaa kan Qophaa'u:

a) Afaan Ingiliiziifi Herregaa qabachuun;
b) Beekumsa waliigalaa qabachuun;
c) Dagaagina seenaa, dudhaa biyyaafi naannoo Oromiyaa beekuu of keessatti qabachuun ta'a.

Shallaggii

Firiin qorumsa naannoo(kutaa 8ffaa)fi kan qorumsa seensaan walitti ida'amee erga sadarkeeffameen booda, barattoonni qabxii caalu qaban humna simannaa mana barumsichaa irratti hundaa'uun tartiiba qabxii isaaniin filatamu. Haa ta'u malee, qabxii inni xiqqaan(gadi aanaan) dhibba keessaa dorgomtoonni ittiin simataman **70%** ta'a.

Akkaataa Qorumsi Itti Gaggeeffamuufi Naamusa Eegamuu Qabu

Dorgomtoonni qorumsa seensaatiif dhiyaatan kanneen galmaa'an keessaa qabxii giddugaleessaa caalmaa kan qaban humna siamnaa mana barumsichaa **harka 2**'n baay'isuun ta'a;

a) Qorumsi seensaa qindeessummaa BBOtiin univarsitoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa addaa qaban waliin ta'uun kan qophaahu ta'a.
b) Qorumsi seensaa guutuu naannootti guyyaa fi sa'aatti walfakkaatutti kennama;
c) Barattoonni qorumsa seensaa buufata godinni /bulchiinsi magaala itti barachuuf galmahame keessatti fudhachuun dirqama ta'a.
d) Qorumsi seensaa kan kennamu barsiistota filatamniifi ogeeyyii waajjira barnootaa irraa baay'ina dorgomtootaa irratti hundaa'uun filatamanii ramadamaniin ta'a;
e) Dorgomtoonni moobaayilii, maashina idaatuu (calculator) fi waraqaa hin eyyamamnee qabatanii daree qormaataa seenuu hin danda'ani.
f) Dorgomtoonni qormaata kamiifuu yeroo dhyaatan waraqaa eenyummaa, ykn ID qorumsa kutaa 8ffaa ittiin fudhatan, qabatanii argamu qabu
g) Dorgomtoonni qorumsi eegalamee daqiiqaa 20 booda seenuufi daqiiqaa 20 dursanii kutaa qorumsaati bahuu hin danda'an**.**

h) Qorumsi bara baraan qophaahu, kuusa gaaffii qorumsaatti(exam item bank) kuufama

Haala Qorumsi Itti Soroorfamu

a) Qorumsi barsiisota ramadamaniin soroorfamee qindaa'uun bu'aan isaa wiirtuu dorgommii bakka ifa ta'etti maxxanfama,
b) Waraqaan deebii qorumsa seensaa sirreeffaman hundi wiirtuulee irraa walitti qabamuun mana barumsa sadarka lammaffaa addaatti ji'a tokkoon booda akka gubatu ta'a.
c) Qabxiin gaaffilee soroorfaman hundaa cuunfamee gara 75%tti deebi'uun firii qorumsa kutaa 8^{ffaa}ttii ida'amuun 100% keessaa qabxii dorgommii barattootaa ta'a.

Hub. Barattoonni erga filatamanii gara mana barumsichaa seenanii booda ga'umsa barbaachisu yoo argisiisuu dhaban ni gaggeeffamu; xumura waggaatti qabxii giddu galeessaa 70%fi isaa ol galmeessuun dirqama ta'a.

Gabatee5.Humna simannaa barattootaa godina/bul.magaalaatiin

Bara	Kutaa	Baay'ina barattoota galma'aanii
2013	9	240
2014	9fi10	480
2015	9,10fi 11	720
2016	9,10,11fi 12	960

7. Filannaafi Ramaddii Hoggansaafi Barsiisota Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa Godinaalee/Bulchiinsa Magaalotaa

Pirofaayilii Hoggansaa

1. Sadarkaa barnootaa digrii 2^{ffaa} kan qaban ta'ee, hoggansa barnootaan kan eebbifame ykn gosa barnootaa manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa}tti kennamuun kan eebbifame
2. Muuxannoo barsiisummaa sadarkaa 2^{ffaa} waggaa 7fi isaa ol ta'ee kanneen keessaa dura bu'aaa ykn itti aanaa dura bu'aa mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} ta'un waggaa lamaafi isaa ol kan tajaajile

3. Ragaa bu’a-qabeessummaa mana barumsaa hogganee waajjira barnootaa aanaa fi godinaan mirkanaa’e dhiheeffachuu kan danda’u
4. Seenduubee hojii gaarifi faayila qulqulluu ta’e kan qabuufi hanqina naamusaa fi araada adda addaa irraa biliisa kan ta’e
5. Dandeettii Afaan Oromoofi A/Ingiliffaa (dubbisuu, barreessuu, dubachuu fi dhageeffachuu) ol'aanaa kan qabu;
6. Naamusa ogummaa, waliigalteen hojjechuufi kabaja sonaa fi Aadaa Oromoo kan qabu;
7. Dandeettii bu'uuraa Kompitaraa (Basic computer skills) kan qabu

6.1. Adeemsa Filannoofi Ramaddii Hoggansa Mana Barumsaa

Filannaan hoggansa mana barumsaa(dura bu’aa, itti aantootaa fi dursitoonni muummee) dorgommii ifaatiin ga’umsaa fi muxannoo irratti kan hundaa’u(merit based) ta’a.

Ulaagleen lakk. 6 jalatti tarreeffaman akkuma jiranitti ta’ee, dura bu’aafi itti aanaa ta’anii dorgomuuf ulaagaan qabxii eebbaa CGPA) kan barsiisaaf kaa’ame hoggansaafis ni hojjeta.

Ulaagaaleefi Ulfaatina Qabxii Dorgommii Dura Bu’oota Mana Barumsaa

Gabatee Ulaagaaleefi ulfaatina qabxii dorgommii hoggansaa

	Ulaagaa	**Qabxii**
	Qormaata seensaa	55
	Qophiifi dhiheessii karoora tarsiimawaa mana barumsaa	35
	Qabxii Boordii	10

Dorgomtoonni ulaagaalee bu’uuraa guutanii galmaa’an qormaata qindeessummaa WBG/WBBMtiin barsiisota yunivarsitii irraa filatamaniin qophaa’u ni qoramu. Qabiyyeen qormaataas beekumsa gaggeessummaa baru-barsiisuu(instructional leadership), gaggeessummaa bulchiinsa qabeenyaa, gaggeessummaa waldhabdee hiikuu, qunnamtii, akkaataa barsissaa itti ga’oomsan(misoomsan), akkaataa bu’aa barachuu barattootaa itti fooyyessan, tooftaalee naamusa barattootaa itti fooyyessan, tooftaalee leecalloowwan adda addaa ittiin maddisiisan kkf) ta’a. Qophiifi dhiheessii karoora tarsiima’aa fooyya’iinsa mana

barumsaa keessattis hubannoofi qophaa'ummaa dorgomtoonni dhimmoota kunneen irratti qaban kan madaalaman ta'u.

Kenna Qabxii

Qophii karoora tarsiimawaa mana barumsaafi dhiyeessa isaa ogeessota dhimma kanaaf afeeraman waliin ta'uun koree qaxarrii barsiisaatiin kan madaalamu ta'a. Haaluma walfakkaatuun dhiyeessii karoora qopheeffatee sirnaan hubachuufi kan isaa ta'uu mirkaneessuuf daqiiqaa 15 hin caallee keessatti dhiyeessuun gaaffiifi deebii daqiiqaa 20 hin caalleen dandeettii hubannaa qabiyyeefi dandeettii gaaffilee dhihaatan hubachiisuu isaa irratti hundaa'un qabxii kennaniif walitti ida'uun qabxiin giddu galeessaa ni kennama. Haaluma kanaan, koreen qabxii qormaataafi qophiifi dhiheessii karooraa walitti ida'uun 90% keessaa madaaluun boordii mana barumsaa 10% madaalchisuun ramaddiin hoggansaa sadarkaa sadarkaan kennama.

Pirofaayilii Barsiisotaa

Barsiisonni manneen barnootaa addaa kanneen keessatti qacaraman qophaa'ummaa barnoota isaaniitiin digirii jalqabaafi isaa ol kan qaban ta'anii piroofaayilii armaan gadii qabaachuu qabu:

1. Ogummaa barsiisummaafi hoggansa daree barnootaa qabaachuu;
2. Dandeettii barattoota barnootaaf kakaasuufi sissi'eessuu qabaachuu;
3. Muuxannoo hojii barsiisummaa manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} waggaa shaniifi ol qabaachuu,
4. Seenduubee hojii gaarifi faayila qulqulluu ta'e qabuufi hanqina naamusaafi araada adda addaa irraa bilisa ta'e
5. Bu'aa qabeessummaa hojii fi gumaacha mana barumsaa keessatti taasiseef ragaa qabatamaafi naamusa gaarii qabaachu isaa mana barumsaafi waajjiira barnootaa irraa dhiyeessuu kan danda'u
6. Dandeettii Afaan Oromoofi A/Ingiliffaa (dubbisuu, barreessuu, dubachuu fi dhageeffachuu) ol'aanaa qabaachuu;
7. Naamusa ogummaa, waliigalteen hojjechuufi kabaja sonaafi aadaa Oromoo qabaachuu;
8. Dandeettii bu'uuraa Kompitaraa (Basic computer skills) qabaachuu;

Pirofaayilii Ogeeyyii Kutaa Yaaliifi Kutaa Leecalloo Barnoota Fedhii Addaa

Pirofaayilii Ogeeyyii Kutaa Yaalii (Laaboraatoorii)

Ogeeyyiin kutaa yaalii gochaalee yeroo hojii mana yaaliifi agarsiisa dirree akkasumas qorannoofi qo'annoo yuunitiiwwan gargaaruun hojii baruu-barsiisuuf deggarsa kennu. Dabalataanis, gochaalee dabalataa miseensa yuunitiiwwan dhimmi ilaallatu irraa kennamuuf kan raawwatan ta’ee pirofaayilii akka asii gadiitti caqafaman qabaatu.

- Dhaabbata barnootaa beekamtii qabu irraa ogummaa kutaa yaaliin (laaboraatooriin) sadarkaa dippiloomaan gahumsa ol'aanaan kan eebbifaman
- Naamusa ogummaa, dandeettii waliigalteen hojjechuufi kabaja, sonaa fi Aadaa Oromoo qabaachuu;
- Dandeettii Afaan Oromoofi A/Ingilizii(dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhageeffachuu) qabaachuutu irraa eegama;
- Dandeettii kompitaraa bu'uuraa (Basic computer skills) qabaachuu;

Pirofaayilii Ogeeyyii kutaa Leecaalloo Barnoota Fedhii addaa

Ogeeyyiin kutaa leecaalloo barnoota fedhii addaa gochaalee barnoota fedhii addaa garaa garaa deeggaran irratti hundaa'uun meeshaalee barnoota fedhii addaa qindeessuufi barnoota qabatamaa gochuuf barsiisota deeggaruun hojjetu. Kana raawwachuuf piroofaayilii akka asii gadiitti caqafame qabaatu.

- Dhaabbata barnootaa beekamtii qabu irraa barnoota fedhii addaan sadarkaa dippiloomaan gahumsa ol'aanaan kan eebbifaman;
- Dandeettii Bireelii barreessuufi dubbisuufi Af-lattoo gahaa ta’e qabaachuu;
- Naamusa ogummaa, waliigalteen hojjechuufi kabaja sonaafi Aadaa Oromoo qabaachuu;
- Dandeettii Afaan Oromoofi A/Ingilizii (dubbisuu, barreessuu, dubachuufi dhageeffachuu) qabachuutu irraa eegama,
- Dandeettii kompitaraa bu'uuraa (Basic computer skills) qabaachuu

Haaldureewwan Galmee Qacarrii Barsiisaaf Barbaachisan

1. Sadarkaa barumsaa digrii jalqabaaf isaa ol kan qaban ta'ee, qabxii waliigalaa(CGPA) digirii jalqabaa dhiiraaf 2.75fi dubartootaaf 2.5 isaa ol. Digrii 2^{ffaa} dhiiraaf 3.25 dubartootaaf 3.00 ta'ee, qabxii qo'annoofi qorannoo isaani **gaarii(good)**fi isaa ol.

2. Gosti barnootaa digrii duraafi 2^{ffaa} hariiroo olee kan qabu ta'uu qaba (digirii jalqabaafi 2^{ffaa} tokko ta'uu qaba.

3. Qabxii raawwii hojii waggaa lamaa waliitti aananiin 90 ol kan qabu

4. Barsiistonni qormaata eeyyama ogummaa darban ni jajjabeeffamu.

Hub.Ulaagaaleen 1-4tti tarreeffaman ulaagaalee dorgommii galmaa'uuf bu'uura ta'an kanneen ulaagaa guutan qormaataaf taa'u.

Qophii Qormaata seensaa fi ulfaatina

1. Dorgomtoonni sadarkaa barnoota hundaa qormaata walfakkaatu qoramu

2. Qormaanni ogeessota barnootaafi ogummichaatiin sadarkaa WBG/WBBMtti qophaa'a. Qabiyyeen qormaataa:

   - beekumsa peedaagojii sadarkaa 2^{ffaa}(karoora barannoo, mala baruu barsiisuu, iyyaafannaa) 15%,
   - beekumsa qabiyyee barnootaa fi pedaagojii qabiyyee barnootaa(pedagogical, and content knowledge) 45%,
   - beekumsa afaan Ingilizii(instructional language) 15% ta'ee waliigala 75% irraa shallagama.

   Qormaata kenname ykn 75 keessaa qabxii 56(75%)fi isaa ol kan fidan qormaata isa itti aanutti darbu.

3. Qormaanni gochaa(micro teaching) 20% ta'ee, beekumsa qabiyyeewwan qormaata seensaa keessatti agarsiisan ga'umsa gochaatti jijjiiru sakatta'uuf kennama. Qormaanni gochaa kun kan qophaa'u dursa koreen ogeessa ogummichaa tokko afeeruun qabiyyee barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} keessaa ogeessa barnootaa saniin mata duree filatamee kennamu irratti koreedhuma qaxarriifi ogeessa gosa barnotichaa akka barsiisu taasiisuun ta'a. Haaluma kanaan koreen qaxarrii:

a. Beekumsa mala baruu barsiisuu waliigalaa 5%,

b. beekumsa mala baruu barsiisuu gosa barnootichaa (pedagogical content knowledge) 10%,

c. Dandeettii Afaan Ingiliffaan barsiisuu (instructional language) 5%

Madaaluun qabxii giddugaleessaa isaanii kan fudhatamu ta'a. Ogeessonni qormaata gochaa madaalan barsiistoota yunivarsiitii dhiyootti argaman keessaa waajjiira barnoota godinaa ykn magaalaatiin kan afeeraman ta'a.

4. Waraqaa ragaa kenna eyyama ogummaa barsiisummaa(5%)

Barsiisota dorgoman keessaa warreen qorumsa mirkaneeffannaa ga'umsa ogummaa fudhachuun milkaa'an (waraqaa ragaa seera qabeessa yoo dhiheeffatan) qabxii 5% guutuu kan argatan ta'a.

Bu'aan qabxii qorumsa seensaa, qorumsa gochaafi eeyyama ogummaa barsiisummaa walitti ida'amee xiqqaachu ykn baay'achuu dorgomtoota gosa ogummaan jiran irratti hundaa'uun ulaagaa qabxii garee(norm referenced) bu'uureeffachuun filachuun qabxiin darbiinsaa(cutoff point) kan murtaa'u ta'a. Namni ulaagaa barbaadamu guutu yoo dhabame:

- Eeggattoota godinaafi bulchiinsa magaalotaa kan biraa irraa yoo argame fudhachuu
- Rakkoo isaa misooma barsiisota BBOtti gabaasuun murtii akka argatu ta'a

Akkaataa Barsiisaan Dorgommiif Itti Affeeramu

Carraa barsiisoota ga'umsaafi naamusa olaanaa qaban filachuu bal'isuufi bajanni jiraachuun erga mirkana'ee booda sab-qunnamtii adda addaa fayyadamuun beeksisa ifaatiin afeeruu.

Oromiyaa hunda irraafi naannoo biraa dabalatee bakka hojjii (dhuunfaa ykn mootummaa) osoo hin daangeffamin barsiistoonni ulaagaa guutan qaamaan bakka barbaadanitti akka galmaa'an gochuu.

7.2.Koree Qaxarrii Barsiisaa

- ❖ Misooma barsiistootaa godina/bulchiinsa magaalaa/ irraa namaa tokko
- ❖ Bakka bu'aa waldaa barsiisaa godinaa/bulchiinsa magaalaa
- ❖ Dura bu'aa mana barumsaa
- ❖ Hogganaa muummee gosa barnootaa barsiisaan irratti dorgomu

- ❖ Bakka buutuu dhimma dubartootaa, daa'immanifi dargaggootaa godinaa/bulchiinsa magaalaa

Akkaataa Qaxarrii

Qaxarriin barsiistoota mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa kontiraata waggaa waggaatiin haaroomsamuun ta'ee, barsiistota waggoota shaniif mana barumsaa sana keessatti raawwii olaanaa qaban, fakkeenya ta'aniifi guddina mana barumsaa keessatti gumaacaha cimaa taasisan madaaltoota alaatiin(BBO) qabatamummaan hojii isaanii yoo mirkanaa'e carraan dhaabbiin qaxaramuu ni kennamaaf. Sababni namoota akkasii dhaabbiin qaxaruun barbaachiseef qabeenya (asset) mana barumsichaa waan ta'aniif muuxannoo horataniin bu'a-qabeessummaa barattootaafi mana barumsaaf shoora olaanaa waan qabuufi akka tooftaa onnachiiftuu tokkottis fayyaduu waan danda'uufidha. Manni barumsaa barsiisota itti fufuu hin qabne dura dabarsee erga boordiitiin mirkaneessisee booda kontiraata addaan kutuu ni danda'a.

7.3. Faayidaalee Adda Addaafi Sirna Onnachiisuu/Hamileessuu

- Barsiisonniifi dura bu'oonni dorgommiiwwan hunda darbuun mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} godinaalee/bul/magaalaotaan hogganaman keessatti barsiisan faayidaalee asiin gadiitti ibsame ji'aan kan argatan ta'a.

- Dura bu'aan mana barumsaa mindaa dura bu'ootaaf haala iskeelii mootummaatiin sadarkaa barnootaafi muuxannoo gituuf kaffalamu kan argatu ta'ee, dabalataan kaffaltii addaa qar. 2000, kan teessoo qar.700fi bilbilaaf qar.300 ji'aan ni kaffalamaaf.

- Itt/ A/ dura bu'aan mana barumsaa mindaa dura bu'ootaaf haala iskeelii mootummaatiin sadarkaa barnootaafi muuxannoo gituuf kaffalumu kan argatu ta'ee, kaffaltii addaa qar. 2000, kan teessoo qar.400 fi bilbilaaf qar. 200 ji'aan ni kaffalamaaf.

- Qindeessitoonni muummee mindaa sadarkaa barsiisummaan haala iskeelii mootummaatiin qophaa'ummaa barnootaafi muuxannoo qabaniin argatan irratti kaffalti dabalataa qar. 1200fi kan teessoo qar. 300 ji'aan ni kaffalamaaf

- Barsiisonni mindaa sadarkaa barsiisummaan haala iskeelii mootummaatiin qophaa'ummaa barnootaafi muuxannoo qabaniin argatan irratti kaffaltii dabalataa qarshii 1200 kan kaffalamuuf ta'a.

- Ogeeyyiin mana yaalii, qindeessitoonni wiirtuu barnoota fedhii addaafi peedaagojii mindaa sadarkaa isaaniitiin argatan irratti kaffaltii dabalataa qar. 500 ji'aan ni kaffalamaaf.
- Tajaajila waggaa tokkoo booda bu'aa qabeessummaa barsiisichaa ilaalamee jijjiirraan maatii ni mijeeffamaaf.

Kana malees, hoggansa mana barumsaa, barsiisotaafi hojjettoota deeggarsaa hojii isaanii ciminaafi fakkeenyummaa gaariin raawwachuun bu'aa olaanaa galmeessisan jajjabeessuuf sirna ittiin hamileessan qabaachuun murteessaa dha.

Haaluma kanaan, barsiisonni manneen barnootaa saadarkaa 2^{ffaa} addaa barattoota gama hundaan gahoomsuuf deeggarsa barbaachisaa fedhii irratti hundaa'e kennan, foyya'insa mana barumsaaf hojjeetaniifi yaadota imaammata fooyyessuu dandeessisan dhiheessan, barruulee wabiifi baruu barsiisuu barreessan/qopheessan, malleen baruu barsisuu hirmaachisoofi ammayya'aa hojiirra oolchan, kalaqa haaraa argamsiisanfi walumaagalatti gama hundaan fakkeenyummaa gaarii qabaniif sirna beekamtii/onnachiisuu/ addaa kan qophaa'u ta'a.

8. Sirna Barnoota Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Addaa

8.1 Qabiyyee Sirna Barnootaa

Sirni barnootaa manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa godina/Bul magaalaan bulan hammattoo sirna barnootaa minisiteera barnootaan bu'uuraan adda ta'uu baatus, hojjiira oolmaa isaa irratti tooftaafi adeemsi addda addaa akka barbaachisummaa isaatti kan itti dabalamu ta'a. Sirna barnootaa manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} amma hojii irra oolaa jiru gadi fageenyaan ilaaluudhaan wantoonni foyyeeffaman ni jiraatu. Manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa kanaaf sirna barnootaa wajjin walqabatee wantoonni bifa addaatiin ammaaf dabalaman akka asii gadiitti caqafamaniiru.

A. **Tarsiimoo afaanii filannoo qabu:** Barnoota Afaanotaa asiin dura mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa}tti kennaman akkuma jiranitti ta'ee, barattoonni afaanota biyya alaa kan akka Afaan Chaayinaa, Arabaa, Faransaayifi kkf keessaa tokko filatanii dabalataan akka baratan nitaasifama. Barataan afaan dabalataa barachuuf filate hanga barnoota sadarkaa 2^{ffaa} xumurutti itti fufiinsaan kan baratu ta'a. Akka waliigalaatti kaayyoon isaa barattoonni carraa adda addaa akka argatanifi yeroo dheeraa keessatti ammoo hojii dipiloomaasiifi dhimmoota biyyaa bifa tarsiima'aa ta'een milkeessuuf kan gargaarudha**.**

B. Sirna barnootaa amma hojirra jiru irratti wantoota ilaalaman Akkuma beekamu sirna barnootaa amma hojiirra jiruun walqabatee rakkoon bal'aan roga hundaan ibsamuu danda'u akka jiru qorannoodhaan adda bahee jira. Kanaafuu, rakkoowwan gurguddoo akaakuu barnoota hundaan qorannoon adda bahanii beekaman kan akka qabiyyee:

- Irra deddeebiin barattoota nuffisiisan,
- hir'uu ta'aniifi barattootaaf beekumsa guutuu dabarsuu hin dandeenye
- haalli dhiheesii isaanii duraa duuba hin egganeefi barattoota burjaajessan akka jiran hubatamee jira.

Barsiisonni muummee isaaniitiin, ragaa bu'aa qorannoo ministeerri barnootaa rakkoo hojiirra olmaa sirna barnoota gosa barnoota hundaaf baase /position paper of each subject per grade / irratti hundaa'un hanqina ykn rakkoo sirna barnootaa gosa barnoota hundaa irratti mul'atu of-eggannodhaan sirreessuudhaan barsiisuutu irra jiraata.

Hub; Hojiin sirna barnootaa gadi fageenyaan madaaluu, waan ni hir'ata jedhamee yaadamu yad-rimee bu'uuraa irraa osoo hin maqin dabaluu; kan dhiphatee bal'isuu, kan gar-malee dheerateefi irra daddeebiin barattoota nuffisiisu muummeedhaan ilaalanii akka barattoota gahomsuu danda'utti foyyeesaa deemuun hojii yeroo hundaa barsiisonni hojjatan ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

c. Barnoota wal-maddeessaa

Barattoonni barnoota idilaa'ee daree barnootaatti kennamuun qofa beekumsa, ogummaa fi ilaalcha karaa guutuu ta'een akka gonfatan milkeessuun hin danda'amu. Kanaafuu, barnoota idilaa'aan walqabsiifamee ykn cinaatti barnoota walmaddeessaa barachuu barattootaa cimsu irratti hojjachuun baay'ee barbaachisaa ta'a. Barnoonni walmaddeessaa karaa adda addaatiin barchuu barttootaa cimsuun dandeettii rakkoo hikuu/Problem solving/, gadi fageenyaan yaaduu/xiinxaluu/critical thinking/, oguummaa qunnamtii/ communication/fi waliiwajjin hojjachuu/cooperation/barattootaa cimsuu iratti gaheen inni qabu laayyoo miti. Kanaafuu, hoggansiifii muummeen barnootaa dhimmi iaallatu sirna barnoota dabalataafi wal-maddeessaa akkuma barnoota idileeffamee daree barnootaatti kennamutti, xiyyeefannoo olaanaa argachuu akka qabu kan wal nama gaafachiisu miti.

Hojii kana milkeessuuf duraan dursa haawaasni mana barumsichaa kaayyoofi barbaachisuummaa barnoota wal-maddeessaa irratii walii galuun murteessaa ta'a. Kunis

gama hoggansa mana barumsaatiin mijeefamee akka yuunitii muummee tokkootti kan hogganamu ta'a**.** Muummeen sirna barnoota dabalataafi barnoota wal-maddeessaa deeggarsaafi hordoffii ni taasisa; akkuma hojii kamiyyuu raawwii karoora hojichaa qoratee duubdeebii kennuun hojiin karoorfamee akka raawwatamu nitaasiisa jechuudha.

Kaayoon barnoota walmaddessaa barachuu barttootaa cimsuun haala barattoonni mul'ata, fedhiifi kennaa isaanii baafatanii shaakalaniifi gabbifatan waltajii ittiin wal barsiisan uumuun karaa rog-daneessa ta'een qooda fudhannaa barattoonni barnoota isaanii irratti qaban cimsuu ta'a.

Bu'uura kannaan gumiiwan armaan gadiiti caqasaman bifa qindaa'een gurmeesuun hojii qabatamaa akka hojjatan taasisuun manneen barnoota addaa keesstii ni eegama.

Gumii Hojii Tola Ooltuummaa

Gumii kana jalatti dhimma yaad-rimee hojii tola ooltuumaa irratti hojiin hubannoo gadiifageenyaa ummuu ni hojjatama. As keessatti waa'een namoomaa, gahee ofii akka lammiitti bahuu, wal deeggaruu, onnee irraa waliif nahuufi kkf irratii xiyyeefachuun hawaasa mana barumsaatiif hubannoo cimsuufi barattoonni hojii tola oltuummaa akka shaakalan taasisuu xiyyeeffannaan hojjetamuutu irra jiraata.

Gumiin kun yoo xinnaate waggaatti yeroo afur hawaasa mana barumsaa hunda sosochoosuudhaan hojii tola ooltuummaa rakkoo hawaasuummaafi dinagdee magaalaa manni barumsaa isaanii keessatii argamuu hiikuu irratii hojii fakkenyuummaa qabu raawwachuutu irraa eegama. Hojiin tola ooltummaa kun mana jireenyaa namoota humna hin qabneef(deeggarsa adda addaa qindeessuun) ijaaruu, kanneen jalaa moofa'an suphuu, deeggarsa meeshaalee nyaataa,uffata, maallaqaafi kan biroos kennuu kan hojjetu ta'a.

Gumii Shamarranii

Gumii kana jalatii hojiin ilaacha dogongoraa dubarttootaaf hawwasni qabu sirreessuun dhaloota wal-qixxummaa koornayaatti amanu uumuu bal'inaan kan hojjetamu ta'a. Dabalataanis barattoonni shamaranii barnoota isanii irratii ciminaan akka hojjataniifi ofiitti amanamummaa horatan taasiisuuf ni hojjatama.

Gumiin kun yoo xinnaate waggatti al lama barattoota shamaranii ogummoota adda addaa qaban deeggaruufi gahoomsuudhaan hawaasa naannoofis ta'e mana barumsaaf waan muuxxannoo ta'ee

irraa baratamuu danda'uufi dubartoonni waan hunda hojjachuudhaaf gahumsa akka qaban waan agarsiisu qindeessuummaa guumii kanaan bilchinaan hojjatamee dhiyaachuutu irra jiraata.

Gumii Dagaagina Aadaafi Afaan Oromoo

Gumiin Dagaagina Aadaafi Afaan Oromoo, aadaa, afoola, seenaa Oromoo fi kkf barattonni akka beekan, dinqisiifatan, shaakalaniifi guddisan irratii xiyyeeffatee hojii hawaasa naannoofis ta'e haawaasa mana barumsaa barsiisuufi fakkeenya ta'uu karoorsuudhaan hojjachuu qaba. Gumiin kun hojiiwwan kan biroo karoorfatee hojjatuu akka jiruutti ta'ee, yoo xinnaate waggatti yeroo afur barattoota qindeesuun sagantaa bal'aa agarsiisa aadaafi afoola Oromoo irratti bifa egziibishiinii, paanaalii ykn mala gara birootiin fayyadamee dhiheessuutu irraa eggama. Dabalataanis, Muummeewan biroo kanneen akka saayiinsii haawaasaa ykn barnoota afaanotaa wajjin qindaa'udhaan abbootii gadaa, beektootaafi qorattoota muuxannoo qaban afeeruudhaan aadaa fi dudhaa Oromoo irratii muxxannoo isaanii barattootaaf akka qoodan taasiisuu qaba .

Gumii kunuunsaafi Eegumsa Naannoo

Gumii kana jalatii waa'een yaad rimeefi faayidaa eegumsa naannoo gadi fagenyaan kennamuutu irra jiraata. Erga hubannoon kenname booda karoora baafachuun hojji waa'ee eegumsa naannoo barattoota shaakalsiisuu qabatamaan eegalamuu qaba. Shaakalliin kun fakkeenyaaf, naannoo mana barumsaa qulqullessuu, biqiltuu dhaabuu, kan dura dhaabame kunuunsuufi yeroo itti anuuf boolla biqiltuu qopheessuufi kkf hojjachiisuun barattoonni qabatamaan itti gaafatamuummaa kana akka shaakalaniifi amaleeffatan godhuun barbaachisaadha.

Gumii kana jalatti hojiiwwan kan biroo karoorfamanii hojjataman akka jiranitti ta'ee yoo xinnaate waggatti yeroo afur haawaasa mana barumsaa hunda sosochoosuufi qindeessuudhaan hojii qulqullina magaalaa keesssa jiraatanitti qindoominaan bahuun hojii magaalaa qulqulleessuu haawaasa naannootiif hojjachuu qabu.

Gumii fayyaa/Farra HIV fi Fannoo Diimaa/

Gumiin kun abbummaan haala dhibeewwan daddarboo ta'an kanneen akka HIV/AIDS, COVID 19, Koleeraafi kkf akka biyya keenyaatti haala irra jiran ragaadhaan deeggaruun hubannoo haawaasa mana barmsaafi akka barbaachisuummaa isaatti hawaasa naannoofis odeefannoofi hojii hubannoo uumuu akkasumas ittisa irratii ciminaan hojjachuutu irraa eegama. Dabalataanis, hojii fannoo diimaa wajjiin walqabatan kan akka yaala duraa, hojii namoomaa, arjooma dhiigaafi kkf irratti hawaasa mana barumsaa sosochoosuun hojii fakkeenyummaa qabu raawwachuu qaba.

Gumiin kun yoo xiqqaatee waggaatti al tokko hawaasa mana barumsaafi waajjira eegumsa fayyaa wajjin qindaa'uudhaan guyyaa dhiiga arjoomuu qopheessuun barattoonniifi barsiisonni dhiiga arjoomuun hojii fakkeenyummaa qabu irratti akka hirmaatan godhuu qaba.

Hub. Gumiiwaan olitii caqasamaniin ala manni barumsichaa gumiin kan biraa baay'ee barbaachiisaadha jedhee yoo itti amane akka barbaachisuumma isaatti hundeessuun kan danda'amu ta'uun isaa hubannoo keessa galfamuutu irra jira.

8.2.Mala Baruu Barsiisuufi Iyyaafannaa

Malli baruufi barsiisuu wantoota baay'ee kanneen akka qabiyyee barannoo, fedhiifi dandeettii barattootaa, yeroo barannoof taa'e, kaayyoo barannoofi kkf irratti kan hundaa'u yoo ta'u, manneen barnootaa addaa kanneen keessatti xiyyeeffanoo guddaa itii kennamuutu irra jiraata. Kanaafuu, barattoonni manneen barnootaa addatti baratan bu'aa barachuu isaaniitiin fooyyee kan qabaniifi bifa adda ta'een filatamanii kan dhufan ta'uu isaanii hubannoo keessa galchuudhaan, malleen baruufi barsiisuu barattoota giddu galeeffataniifi qooda fudhannaa barattootaa jajjabeesan kanneen armaan gadii akkataa barbaachisuummaafi bu'a qabeessuumaa isaaniitiin xiinxaluun filatamanii hojiirra oolu.

- Agarsiisaan barsiisuu /Demonstration /
- Calaqqee/Reflection
- Gocha dhuunfaafi Garee /Individual and group work/
- Gaafii sammuu ''sochoosu''/Brain storming /
- Marii garee /Group discussion /
- Falmii /Debate/
- Hojii pirojeektii/[Project work /
- Walbarsiisuu / Per teaching /
- Oggeessa affeeruu / Guest speaker /
- Ariitiin barreessuu/ Quick write
- Hojii dirree / Field work/

8.2.1. Barumsa Barattotaaf Qabatama Taasisuu

Haalli kenniinsa baruu barsiisuu barnoota qabatamaan masakamuu waan qabuuf barattoonni osoma barumsa isaanii barachaa jiranii dandeettii isaanii irratti hundaa'udhaan fedhii gara fuula duraaf qaban akka adda baafataniifi bu'a qabeesa ta'an, industiriiwaan itti dhihaataniitti bahanii

barnoota yad-rimeen baratan haala qabatamaan hubachuu dandeessisuun yoo xiqqaate seemisteeraan al tokko sagantaan bifa qindaa'een qophaa'ee carraa barattoonni itti baratan mijeesuun barbaachisaadha. Hojiin kun akka qaama sirna barnootaatti fudhatamee manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa kessatti bifa idilaa'een hojiirra ooluu qaba.

Dabalataanis, dhabbilee gurguddoo ammas ta'e gara fuula duratti hiree biyyattii keessatti gahee olaanafi murtessaa qaban, Kanneen akka

- ✓ Humna qilleensa Itoophiyaa
- ✓ Daandii xiyyaara Itoophiyaa
- ✓ Teele kominikeeshinii Itoophiyaa
- ✓ Artifishaal intalijansii
- ✓ Daandii Galaana Itoophiyaa /Ethiopian Shipping Line /
- ✓ Yunivarsitiiwwan adda addaa
- ✓ Inistitiyutiiwwan qorannoo qonnaa ,gogaa ,beeyladaa, fayyaafi kkf

yoo xiqqatee waggatti al tokko barattonniifi barsiissonni manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} addaa carraa daawwannaa dhimmoota kanneen akka

- ✓ Hojiiwwan hojii hojjetaman
- ✓ Tekinoloojiiwwan hojiirra oolan
- ✓ Humna namaa isaan barbaadaniifi kkf irratti sagantaan qophaa'ee qabatamaan ilaaluudhaan akkaataa barattoonni itti sissi'ataniifi fedhiin barachuu isaanii dabalaa ademu godhuun baay'ee barbaachisaadha.

Hojiiwwan olitti caqasaman akkuma jirutti ta'ee, dabalataan namoota milkaa'oo ta'an /bizinasiin,barnootaan ,gaggeesummaan ,artiinifi kkf/ yoo dand'ame qaamaan mana barumsaatti argamuun muuxannoo isaanii irratti haasaa dadamaqsuu /Motivational speech / akka taasisan afeeruun hawaasni mana barumsaa akka irraa baratu taasisuun barattoota hamilee itti horuun barbaachisaadha .

Kana malees, pirofeesarota bebbeekamoo affeeruudhaan qamaan argamanii mata dureewwan filataman irratti barumsa dabalataa barattootaaf akka kennan taasisan karaa adda addaatiin barattota kakkaasuun barumsa isaanii irratti akka ciminaan hojjachuun baay'ee barbaachisaadha.

8.3.Iyyaafannaa Barachuu Barattootaa /Assessment Related Matters/

Duraan dursee hoggansi mana barumsaa kaayyoo iyyaaffannaafi battalleewwan mana barumsaatti kennaman irratti haawaasa mana barumsaatiif hubanoo uumuun adeemsa walfakkaataa akka hordofamuuf hojimaata ni diriirrsa.

Kaayyoon iyyaafannaa barattootaa barachuu barattootaa hordoofuuf, fedhii barachuu barattootaa adda baafachuuf, mala baruufi barsiisuu irra deebi'un illaaluufi foyyeessuf, haala barattoonni barumsa isaanii irratti xiyyeeffataniif deeggarsaafi gorsa kennufi kkf akka ta' e dursa haawaasni mana barumsaa irratii waliigaluun barbaachisaa ta'a.

Kaayoowwaan caqasaman irratti hundaa'un iyyaafannaan barachuu barattootaa akka asiin gadiitti gaggeefama.

Iyyaafannaa walitii fufaa

Iyyaafannaa walitti fufaan 30% kan qabatu ta'a. kunis adeemsaafi tooftaalee barsiisaan guyyaa guyyaan barachuu barattootaa hordoofuuf itti fayyadamu akkuma jirutti ta'ee, kanneen asii gadii ni fayyadama.

- Hojii manaa
- Hojii daree
- Gaaffilee shaakalaa/worksheet/
- Battaleewwan adda addaa /Quiz /
- Dhiheessiifi calaqqee /Presentation and reflection /
- Hojii pirojektii/ project work/ fi kan biroos akka barbaachisummaa fi amala gosa barnootaatti hojiirra oola.

Qormaata yaalii ji'a ji'aan kennamu

Yaaliin kun 30% kan qabatu ta'a.

Qormaanni yaalii ji'a ji'aan kennamu kun akka mana barumsatti qophaa'ee muummeewwaniin mirkanaa'ee kan kennamu ta'ee, gaafiiwwan baay'inaan baasudhaan / 15-25 / ji'a ji'aan barattooni akka qoraman taasifamee qabxiin isaanii gara 10% jijjiiramee qabamaa aadeema.

Hub. Barsiisaan xiinxala firii barachuu barttootaa irratti gaggeesuun barattoota kennaa addaa qabaniifi barattoota deeggarsa addaa barbaadaniif haala itti deeggarruufi gorsuu irratti karoorfatee hojjachuu qaba.Bu'a qabxii isaanii irratii hundaa'un pirofaayiila barattotaa hin qopheesa jijjirama barattootaas yeroo yeroon ni hordofa.

1. Qormaata xumura seemisteeraa

Kun ammoo 40% kan qabatu ta'ee, gosa qormaata adda addaafi gaaffilee baay'inaan/60-80/hin caallee kan haala waliigala barachuu battootaa seemisteeraa madaaluu danda'u ta'ee qophaa'a.

Hub: Madaalliiwann gaggeeffaman hundi xiyyeeffannoofi of-eggannoo guddaan yeroo murtaa'etti sororfamanii duub-deebii gahaan kessattuu, barattoota qabxii gadi aanaa galmeessisaniif kennamee hojii itti aanuuf galtee ta'uu qaba.

9. Tarkaanfii Naamusaa Barattootaafi Hojjettootaa

8.1.Koree Naamusaa

Koreen naamusaa qaamolee bulchiinsaa keessaa isa tokko yoo ta'u, hawaasa mana barumsaa balleessaa naamusaa raawwatan irratti tarkaanfiiwwan naamusaa akeekkachiisa kennuu irraa hanga hojii ykn barnoota irraa gaggeessuu ykn tarkaanfiiwwan biroo fudhachuu kan danda'uudha.

Sadarkaa mana barumsaatti dhimmoota namuusa barattootaa ilaaluuf koreen nama 5 of keessatti qabatu ni hundaa'a. walitti qabaan koreefi miseensonni namni lama dura bu'aa mana barumsichaatiin bakka kan bu'an yoo ta'u, gamtaa maatii barattootaa fi barsiisotaa keessaa namni tokkoofi barattoota keessaa namni tokko filatamnii miseensa koree kanaa ta'u.

Haaluma walfakkaatuun dhimmoota namuusa barsiisotaafi hojjettoota deeggarsaa ilaaluf koreen miseensota shan of keessatti qabatu ni hundaa'a. Walitti qabaafi miseensonni lama dura bu'aa mana barumsaan kan bakka buufaman yoo ta'u, miseensi tokko barsiisota keessaa, tokko ammoo hojjettoota keessaa filatamuun bakka kan bu'an ta'a. Barri tajaajila koreewwan kunneenii wagga lamaaf ta'a. Haa ta,u malee, waggoota lamaan erga xumuranii booda yeroo lammataaf bakka bu'uu ykn filatamuu ni dandau.

Hub. Koreewwan kunneen keessatti yoo xiqqate miseensi tokko dubartii ta’uu qabdi.

8.2.Tarkaanfii Naamusaa hojjettoota Deeggarsaa

Tarkaanfiin naamusaa miseensa hojjettoota deeggarsaa irratti fudhatamu adeemsa seera pabilik sarvisiifi bulchiinsa qabeenya namaa hordofuun kan raawwatamu ta’a.

8.3. Tarkaanfii Naamusaa hojjettoota Barsiisotaa

Garaagarummaa tokko malee dhimmoonni armaan gadii hoggansa mana barumsaa dhimmi ilaallatu biratti xiyyeeffannoo cimaan ilaalamuu qabu;

1. Hogganaa dhimmi ilaallatuun hojii isaa idilee kennameef irratti ta'e jedhee irra deddeebiin miidhaa gassisuu, foyya’insa ogummaa karoorfachuu fi hirmaachu diduu fi koree keessatti qooda fudhachuu diduu;
2. Raawwii hojii gadi aanaa fi qophii barnootaa gahaa taasiisuu dhabun si’a lamaa ol barattoota garee lamaa oliin himatamu
3. Raawwii hojii gadi aanaa 70% gadi fide akeekkachisa malee tarkaanfii kontiraata addaan kutu
4. Osoo daarektar, yookaan itti aanaa daarektar akkaadaamii irraa of-eeggannoon kennamaa jiruu itti fufiinsaan amaloota sirrii hin taane kan akka seera mana barumsichaa kabajuu dhabuu; qeeqa maqa balleessii yookaan oloola yookiin sagantaa isaa irratti uumuu, irra deddeebiidhaan faayidaa yookaan hojiiwwan mana barumsichaa keessa seenuun hiriyaa yookaan mana barumsichaa maqaa balleessuu;
5. Osoo hoggansa mana barumsaa irraa of-eeggannoon kennamuu itti fufiisaan amaloota sirrii hin taane kanneen akka hojiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, dhugaatii amaleeffachuu fi aadaa hawaasaa cabsuu agarsiisuu
6. Osoo hoggansa mana barumsaa irraa of-eeggannoon kennamuufii itti fufiinsaan amaloota sirrii hin taane kanneen akka aangoo fi itti gaafatamummaa seeraan kennameefiitti seeraan ala fayyadamuu;
7. Barattootaa dubaraa wajjin hariiroo hin mallee (naamusa ogummaa fi aadaa hawaasaa) biratti fudhatama hinqabne uumuu;

Tarkaanfiiwwan Hir'ina Namuusaa Irratti Fudhataman (Disciplinary Measures)

Yeroo hir'inni naamusaa mul'atu haala ulfaatina dhimmichaa irratti hundaa'uudhaan tarkaanfiiwwan naamusaa armaan gadii miseensota hojjettoota akkaadaamii irratti kan fudhatamu ta’a.

1. Of-eeggannoo (Warning)
2. Dogooggra hojjetame irratti seeraan abba balleessetti himuu (Reprimand)
3. Adabbii mindaa ji'a lamaa hin caalle;
4. Yeroo ji'oota afur hin caalleef sadarkaa guddinaa itti aanu yookaan dabalata mindaa miseensi hojjetaa akkaadamichaa biroo argatu akka hin arganne tursiisuu;
5. Hojii akkaadaamiis ta’ee hojii bulchiinsaa kam-irraa iyyuu kaasuu;
6. Hojiirraa geggeessuu (Dismissal);
7. Adabbiin kami iyyuu keeyyata guddaa kana jalatti tarreeffaman wal cinaa yookaan adabbii kanneen birootiin walitti idaa'amuu dhaan hojiirra oolchun ni danda'ama. Kun kan ta'u yoo walitti idaa'amni adabbii tokkoo olii miseensi hojjetaa akkaadaamii nifoyyeesa jedhamee amanameedha.
8. Adabbiin lakoofsa 4 irraa jalqabee eeraman karaa koree naamusaan qulqullaa’anii murtii dabarsan irratti hundaa’un daarektara mana barumsaatin kan mirkanaa’u ta’a.

8.4.Tarkaanfii naamusaa Barattootaa

Tarkaanfiin naamusaa barattoota mana barumsichaa irratti fudhatamu qajeeltoowwan naamusaa mana barumsichaan bahan irratti kan hundaa’u ta’a.

Haala tarkaanfii Rakkoo/Balleessaa/Naamusaa Barattootaa

I. Gosoota Balleessaa Akeekkachiisa Barreeffamaa Kennisiisan

- Walitii bu’iinsa barattoota gidduutti ka’u
- Yeroo barnootaafi qo’annaatti naannoo daree barnootaafi koridariitti jeequufi sagalee dhageessisuu qo’annaa/barnoota irratti dhiibbaa uumuu
- Uffata seeraa mana barumsichaa guutuu hin taane uffachuun gara mana barumsaa dhufuu
- Uffata seera mana barumsaa cicciteefi qulqullina hin qabne uffatanii argamuu
- Rifeensa mataa sirnaan murachuu dhabuu, fo’uufi filachuu dhiisuu

- Bakkeewwan barnootaafi walgahiitti mastikaa alanfachuufi sagalee isaa dhageessisuu
- Meeshaalee nama biroo osoo hin eeyyamsiisin fayyadamuu ykn qaama biroof kennuu
- Samisteera tokkotti yeroo sadii barfatanii gara daree/mana barumsaa dhufuu
- Samisteera tokkotti yeroo sadii mana barumsaa irraa hafuu
- Barreeffama kamillee keenyan, minjaalaafi teessoowwan irratti barreessanii argamuufi fakkiiwwan maxxansuu
- Hojii hojjechuuf eeyyamaa ta'uu dhabuu
- Qumaara taphachuufi dhimmoota wal-fakkaatan keessatti hirmaachuu
- Biqiltuuwwaniifi mukkeen mooraa keessa dhaabaman cabsuufi balleessuu
- Barsiisotaafi hojjettoota mana barumsichaaf ajajamuu diduu
- Barattoota sodaachisuufi itti dhaadachuu
- Gowwoomsuu, waliin dhahuufi sobuu
- Irra deddeebiin hojii manaa osoo hin hojjetin/hin xumurin hafuu
- Barreeffamootaafi fakkiiwwan akkasumas suur-sagaleewwan jibbisiisoo ta'aniifi kan hin malle bananii ilaaluu
- Wadaroo elektirikaa quncisuun walitti qabsiisuu

Balleessaa Barattoonni Yeroo Murtaa'eef Mana Barumsaa Irraa Akka Daangeffaman Taasisan

Adabbiin barattoota yeroo murtaa'eef mana barumsaa irraa akka daangeffamaniif kan murtaa'u barattoonni irra deddeebi'uun balleessaawwan lakk. 8.4.1 jalatti tarreeffaman kan raawwatan yoo ta'eefi koreen naamusa barattootaa murtee yoo itti kenne ta'a. Yeroon adabbichaas ji'a tokkoof ykn sanaa oliif mana barumsaa irraa dhorkamuu ta'a.

Gosoota balleessaa barattoonni waggaa tokkoof mana barumsaa irraa akka ari'aman taasisan

- Samisteera tokko keessatti guyyoota kudhaniifi isaa ol barfachuun gara daree/mana barumsaa dhufuu
- Samisteera tokko keessatti sababa gahaa malee guyyoota shaniifi isaa ol mana barumsaa irraa hafuu

- Gocha reebichaa namoota biroo irratti raawwachuun argamuu
- Yeroo qorumsaatti jeequmsaafi goolii uumuun adeemsa qorumsichaa gufachiisuu
- Hoggansas ta'e hojjettoota mana barumsichaaf ajajamuu diduu; arrabsuu ykn jechoota hamoo itti dubbachuu
- Barattoota biroo sodaachisuu, rukutuu
- Dallaa irraan seenuufi bahuu/ eeyyama malee karra darbuun bahuufi seenuu

Gosoota Balleessaa Barattoonni Yeroo Xumuraaf Mana Barumsaa irraa akka Ari'aman taasisan

- Wantoota asiin gaditti argaman mana barumsaa keessatti qabatanii argamuu:
    a) Dhugaatii alkoolii
    b) Sigaaraa
    c) Jimaafi wantoota nama adoochan biro
    d) Meeshaa waraanaa kamiyyuu
- Hanna
- Barsiisota/hojjettoota sodaachisuu, arrabsuu ykn(repeated) reebuufi yaalii reebichaa gaggeessuu
- Mana barumsaa keessatti gareen wal qoodanii wal reebuu
- Qabeenya mana barumsaa akka malee barbadeessuu/balleessuu/
- Qormaata barattoota biroof ykn hiriyaaf qoramuu
- Barattoota mana barumsaa keessatti lola ykn jeequmsaaf kakaasuu
- Gocha wal-qunnamtii saalaa irratti argamuu
- Meeshaalee qara qaban kan miidhaa geessisan kam iyyuu boorsaatti, kiisiittifi harkatti qabachuun mooraa mana barumsaa keessatti argamuu
- Asiin dura waggaa tokkoof ari'amuun deebi'uun ammas balleessaa dabalataa raawwachuu

Adeemsa Komiin Barattootaa Itti Dhiyaatu

Rakkoolee naamusaa dareewwan barnootaa keessatti, dirreewwan ispoortiitti, mooraa keessatti mudataniif

Koreen naamusaa yaada murtee akkuma dhiheesseen Koree komii manni barumsaa hundeessurratti yeroo guyyaa shan hin caalletti iyyachuu qabu

- Komiin jalqabaa barreeffamaan dura bu'aa mana barumsaa ykn nama dura bu'aan bakka buuseef dhiheeffatee gara koree komiif qaajeelfamuu qaba. Koreen komiitis yeroo guyyaa shan hin caalle keessatti deebisaa kennuu qabu ogeessa dhimma tajaajila barattootaaf ramadame ykn I/A qindeessaaf dhiyaata. Yoo baay'ate guyyaa lama keessatti furmaanni kennamuu qaba.
- Haala kanaan furmaata gahaan yoo dhabame ykn dhimma koree naamusaaf dhiyaachuu qabu yoo ta'e ykn komii-dhiheeffataan murtii kenname irratti yoo hin quufne koree naamusaaf dhiyaata.
- Komii dhiheeffataan murtii koree naamusaatti hin amanne komii isaa qindeessaa mana barumsichaatti dhiheeffachuu danda'a.

Rakkoolee kenniinsa barnootaa, bulchiinsa qormaataafi dhimmoota qabxiin wal-qabatanii mudataniif

a. komiin jalqabaa barsiisaa barumsicha barsiisuuf dhiyaata. Yoo baay'ate guyyaa lama keessatti furmaanni kennamuu qaba.
b. Furmaata barbaachisaa yoo hin arganne ykn dhimmichi gara Muummeetti fi I/A dura bu'aa mana barumsaatti dhiheeffata/tti
c. Muummeefi I/A dura bu'aa dhimmichaaf furmaata kennuu yoo dadhabe ykn koree qulqullinaafi sirna barnootaaf dhiyaachuu kan qabu yoo ta'e ykn komi-dhiheeffataan murtee kennametti kan hin quufne yoo ta'e dhimmichi dura bu'aa mana barumsaatiin xumura argata.

Miiltoowwan Adda Addaa

Miiltoo A

Ulaagaa fi kenna qabxii qophii fi dhiyeessa karoora tarsiima'aa

Qophiifi dhiyeessiin karoora tarsiima'aa walumaagalatti 35 keessaa kan madaalamu ta'ee, kenni qabxii isaas ulaagaalee gabatee armaan gadii keessatti ibsameen ta'a.

Lakk	**Ulaagaalee**	**qabxi**
1	Iftoomina galma karoora tarsiimawaa kaa'amee	3
2	Dhimmoota xiyyeeffanno FMB hammachuu	5
3	Beekumsaafi tarsiimoo mirkaneessa qulqullina barnootaa	5
4	Hubannaa tarsiimoo leeccalloo walitti qabuu	4
5	Hubannaa tarsiimoo miira walootiin hojjechuu jajjabeessuu	3
6	Tarsiimoo dagaagina ogummaa walitti fufaa barsiistootaaf kaayyeffame	4
7	Tarsiimoo naamusa barattootaa fooyyessuu	3
9	Tarsiimoo barachuufi qabxii barattootaa foyyeessuu	5
10	Tarsiimoo qunnamtiifi walitti hidhamiinsa dhaabbilee adda addaa waliin yaadame	3
	Total	35

Koreen qaxarrii hoggansa mana barumsaafi barsiisaa qabxilee 1-10 jiraniif dhuunfaan qabxii kennuun qabxii koree walitti ida'uun baay'ina miseensa madaaleef hiruun qabxiin giddugaleessaa qabxii dorgomaa sanaa ta'a jechuudha.

Miiltoo B

Guca Galmee Dorgommii Barattoota Mana Barumsaa Addaa Sad. 2ffaa bara 2013

Godina/Bu/Magaalaa/ itti baratamu----------Wiirtuu----------

T.L	Maqaa hanga akaaakayyuu	Odeeffannoo waliigala					Qabxii dorgommii				
		Umu.	Korn.	Godi	aanaa	M/B	tiransk		Qorumsa seensaa		Ida'ama 100%
							100%	Qaxii(25%)		75%	

Appendix C

Budget requiring areas

SN	Title
1	Teachers salary
	Admin. staff salary
2	Position allowance for directors (3)
3	Positional allowance for department heads
4	House rent
5	Purchase of books,
6	Biology apparatus and chemical
7	Physics apparatus
8	Chemistry apparatus and chemicals
9	Mathematics tools
10	Sport materials
11	Electronics materials
12	Furniture
13	Vehicles
14	Café facilities
15	Training
16	Stationary materials
17	Administrative cost

Material Resource required

Student Textbook and teachers guide expected from Oromia Education Bureau

SN	Subject
1	Afan Oromo
2	English

3	Amharic
4	Mathematics
5	Physics
6	Chemistry
7	Biology
8	History
9	Geography
10	Civic
11	Sport & Physical Education
12	ICT

Supportive Reference Books

	Name of Books	**Subject**
A	**Afan Oromo**	
1	BakkaBu'aaAsoosamootaGaggbaaboo (AbbaasMuussaaMuddaa)	AfanOromo
2	SII Magan (HinseeneeMakuriyaa)	AfanOromo
3	ImimmaanOshiwiitu(HinseeneeMakuriyaa)	AfanOromo
4	Gumaa (DagaagaaJimaa)	AfanOromo
5	HoraObaa (KuusaAfoollanOromoo) Yaadannoo Gaaromsaa	AfanOromo
6	ImimmaanHaadhaa (ToleeraFiqiruu)	AfanOromo
7	FurtuuGumaa (TashoomaaGuutataa)	
8	Dibaba (YaasooKabbabaa)	Afan Oromo
9	Heexoo (MarabbUlfinaaIddoosaa)	Afan Oromo
10	CaaslugaAfaanOromooJildii– 1998 (Bato)	Afan Oromo
11	Jiruu Moo Du'aDubaay moo Biyya (BeekanGulummaaIrranaa)	Afan Oromo
12	Hawwii (IsaayyaasHordofaaMiijanaa)	Afan Oromo
13	Being and becoming Oromo (P.T.W. boxter)	Afan Oromo
14	The Oroomo (AyalewKanno)	Afan Oromo
15	MammaksaOromooJildii – 2 (GuumiQormaataAfaanOromoo)	Afan Oromo
16	Oromoo Wisdom Literature (Claude Sumner Ph.D. 1996)	Afan Oromo

17	MiilahinShokoksine (YaasooKabbabaaHordofaa)	Afan Oromo
18	GuubooSeenaaAsoosamaafSaayinsiisaa (BeekanGulummaaIrranaa)	Afan Oromo
19	GumbiiMammaaksaaAfoolotaKaanwajjin (HinseeneeMakuriyaa)	Afan Oromo
20	Natoo - YaadrimeeCaaslugaAfaanOromoo (AddunyaaBarkeessaa)	Afan Oromo
21	FaandhooftichaGadoo fi AssosamootaGaggabaaboo (HinseeneeMakuriyaa)	Afan Oromo
22	RaayyaaDhugaa (ToleeraaFiqiruuGamtaa)	Afan Oromo
23	Du'aLagaAbbayyaarratti (Abraham Tasammaa)	Afan Oromo
24	MadaalaSammuuKitaabaFalasama Oromo (BoonsamooMi'eesoo)	AfanOromo
25	Gadaa	AfanOromo
26	Qorsa	AfanOromo
27	Furtuu	AfanOromo
28	Seerluga	AfanOromo
29	Afan Oromo Poems	Afan Oromo
B	**Amharic**	
1	Mega Amharic	Amharic
2	Amharic word power	Amharic
3	Amharic supportive reference	Amharic
4	Kasetebirhan Amharic word power	Amharic
5	Higher Amharic word power	Amharic
6	አማርኛ ት/አጋዥ ከ9ኛ -10ኛ ክፍል	Amharic
7	ሜጋየአማርኛስዋስዎአጋዥ 9- 10	Amharic
8	ኩራዝአማርኛ ለ9ኛ - ለ10ኛ	Amharic
9	ዘርጋውከፍተኛየአማርኛመዝገበቃላት	Amharic
	Amhaic Poems	Amharic
C	**English**	
1	Methodology of English	English
2	Mastery spoken English	English
3	Systematic English	English
4	Catchy phrases and phrase	English

5	Essential Grammar in use	English
6	Top English	English
7	Top English	English
8	Solar English	English
9	Aimiro Communicative English	English
10	Methodology & writing	English
11	Research paper writing	English
12	Research methodology	English
13	Things Fall Apart (CHINUE ACHEBE)	English
14	Weep not, child (JAMES NGUGL)	English
15	People of the city (Cyprian Ekwensi)	English
16	The Quiet American (Graham Greene)	English
17	English poems	English
D	**Physics**	
1	Concepts of modern physics	Physics
2	Concepts of modern physics	Physic
3	Principles of physics	Physics
4	Essential Physics	Physics
5	Essential physics	Physics
6	Modern physics	Physics
7	Kuraz physics	Physics
8	X-treme physics (9-10)	Physics
9	Comet physics(9-10)	Physics
10	Modern physics	Physics
11	Sirway physics	Physics
E	**Chemistry**	
1	Practical organic chemistry	Chemistry
2	Textbook of inorganic chemistry	Chemistry
3	Basic organic chemistry	Chemistry
4	Organic Chemistry	Chemistry
5	General chemistry	Chemistry

6	Chemistry grade 9&10	Chemistry
7	Essential Chemistry	Chemistry
8	Essential Chemistry	Chemistry
9	Modern chemistry	Chemistry
10	Top chemistry	Chemistry
11	Galaxy Reference seines chem. Grade 9-10	Chemistry
12	General chemistry	Chemistry
13	Modern organic chemistry	Chemistry
14	Introduction to chemistry	Chemistry
15	Galaxy Reference seines chem. Grade 9-10	Chemistry
16	General chemistry	Chemistry
F	**Biology**	
1	Concepts in Biology	Biology
2	Mega Biology	Biology
3	Modern Biology	Biology
4	Modern Biology	Biology
5	Essential Biology	Biology
6	Royal Biology	Biology
7	Solar Biology	Biology
8	Integrated Biology	Biology
9	Top Biology	Biology
G	**Mathematics**	
1	Approach to Mathematics	Mathematics
2	Essential Mathematics	Mathematics
3	Top mathematics	Mathematics
4	Aimiro mathematics	Mathematics
5	Galaxy Reference Series math's (9-10)	Mathematics
6	Royal mathematics (9-10)	Mathematics
7	Algebra and Geometry (9-10)	Mathematics
8	Calculus Mathematics	Mathematics
H	**Geography**	

1	Mega Geography	Geography
2	Physical Geography	Geography
3	Earth science	Geography
4	Galaxy Reference seines Geography	Geography
5	Environmental science	Geography
I	**Civic and Ethical Education**	
2	Mega Civic &ethical education	Civic
3	Top Civic &ethical education	Civic
4	Basic Civic	Civic
5	Extreme civic	Civic
J	**History**	
1	Royal History	History
2	Top History	History
3	የኦሮሞታሪክ (በእሼቱእረናዲባባ)	History
4	HubannooOromoofSiirnaGadaa, Amantii fi SeenaaOromoo (LeellisaZamaduuAbdi)	History
5	IlaalchaOromooBarooAadaa, Seenaa fi AmantaaOromoo (DirribiiDamiseeBokkuu)	History
6	KudhaanaSeenaa (LeellisaaAadaaBantii)	History
7	Oromo Wisdom in Black Civilization (DirribiDemisieBokku)	History
8	የዉገናድርሰቾችናየታሪክእውነቶች(በታቦርያሚ)	History
9	ኦሮሚያየተደበቀውየግፍታሪክ (ወልደዮሐንስወርቅነህ)	History
10	የኦሮሞብሔርባህልናአጭርታሪክ (ከባለምበራስጀቤሳኤጄታ)	History
11	Gada System The politics of TulamaOromoo (Alemayehu Haile)	History
12	SeenaUmmataOromooHundeeirraahangaAmmaati (BalaambaraasJabeessaaEjjetaa)	History
13	The Gade System(Gade three Approaches of the study of African society by AsmaromLegesse	History
14	The Zagwe period- re-interpreted post-Aksumite Ethiopia an urban	History

	culture by TekesteNegash	
15	Church and state in Ethiopia 1270-1527 by TedesseTamrat	History
16	The FethaNagast (The Law of the kings Translated from the Geleez by Abba PaulosTsDUA	History
	ICT	
1	A history of modern computing	ICT
2	Excel data analysis	ICT
3	How computers do math	ICT
4	Methods for computers	ICT
5	Microsoft word	ICT
6	Microsoft Excel	ICT
7	Software for internet application	ICT
8	Introduction to information society	ICT
9	Towards knowledge society	ICT
10	Webpage concepts and design	ICT
11	Introduction to computer hardware	ICT
12	Introduction to Software applications	ICT
13	Beginning databases	ICT
14	Computer networking and data communication	ICT
15	Beginning databases	ICT
L	**Sport Science**	
1	.Physiology of Sport and Exercise, 7th Edition (Greg Haff and Travis Triplett.)	SS
2	*Essentials of Strength Training and Conditioning, 4th(Edition* Larry Kenney)	SS
3	, Foundations of Sport and Exercise Psychology, 7th Edition (Robert S. Weinberg)	SS
M	**Others**	
1	Exam book for grade 9 -12(2011-12)	Exam book
2	Current English-Amharic	Dictionary
3	Oxford English	Dictionary

4	Afan Oromo -English	Dictionary
5	English-Amharic Afan Oromo	Dictionary
6	Physics	Dictionary
7	Biology	Dictionary
8	Chemistry	Dictionary
9	Mathematics	Dictionary
10	Geography	Dictionary
11	History	Dictionary
12	Civics and Ethics	Dictionary
13	Sport science	Dictionary
14	Encyclopedia of Britannica	Encyclopedia
15	Encyclopedia of American	Encyclopedia

Laboratory Apparatus and Chemicals

.Biology Chemicals and Apparatus

No	**Items**
	A) Apparatus
1	Drying Oven
2	Deep Freezey
3	Microbiological incubator
4	Homogenizer
5	PH meter
6	Shaking water bath
7	Laminar flow chamber

8	Electronic weighing basilica
9	Wash bottles polythene Oval capacity 250cm3
10	Measuring cylinder
11	Fire Blanket glass fiber 80cm x 92cm
12	Flask conical wide mouth 250cm3
13	Distilled water plant 48263.305
14	Human kidney
15	Human lung large size
16	Human skeleton large size
17	Human skin model
18	Human skull model
19	Centrifuge electrical
20	Fire extinguisher
21	Micropipette
22	Hydrometer
23	Syringes 5ml
24	Syringes 10ml
25	Cork borer
26	Plastic bottle
27	Cotton wool
28	Glass tubing

29	Stick tape
30	Ballon
31	Rubber bands
32	Watch glass
33	Tweezer
34	Mounted needle
35	Stand
36	Aquarium
37	Bell jar
38	Pot plant
39	Petri dishes
40	Spirit lamp
41	Tripod stand
42	Gauze
43	Gongs
44	Clean white paper
45	Dropper
46	Bangs
47	Mammalian heart model
48	Human eye model
`	**B) Chemicals**

1	Glucose
2	Fructose
3	Sucrose
4	Chloroform
5	Diethyl ether
6	HCL
7	Potassium iodide
8	Hematoxylin
9	Methylene blue
10	Methylene orange
11	Potassium permanganate
12	Starch
13	Universal inductor solution
14	First aid kit
15	Iodine
16	Agar powder
17	Disinfectant
18	NaOH solution
19	CuSO4 Solution
20	Cooking oil
21	Dichlorophenol reagent

22	Lime water
23	Hydrogen carbonate solution
24	Potassium hydroxide solution
25	Benedict solution
26	Biuret solution
27	Ethanoicroncien
28	Ethanol

Physics Apparatus

No	**Item Description**
1	Oscilloscope
2	Electroscope
3	Circuit board
4	Multimeter
5	Capacitors 300HF
6	ACDC power supply
7	Compass
8	Wheel and Axle
9	Bar magnet
10	Ammeter
11	Voltmeter

12	Galvanometer
13	Triple beam balance
14	Barometer
15	Van degraf Generator
16	Solenoid
17	Inclined planc
18	Rheostat 1600
19	Concave lens
20	Convex lens
21	Concave mirror
22	Convex mirror
23	Newton meter
24	Electric connectors (crocodile clip)
25	Resistor 100
26	Color code Resistors
27	Hook's Spring
28	Thermometer
29	Spring balance
30	Plastic ruler
31	Cell (Battery)
32	Bulb

33	Wire (Cu)
34	Wire (lead)